




BARIISAA



Bara - 47 Lak. 29 Bariisaa Hagayya 18, Bara 2016

Sanbataa

(August 24, 2024) Qar. 10.00



Gatiin sharafa alaa gabaadhaan hogganamu alergii guddisuuf shoora guddaa taphata

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Gatiin sharafa alaa gabaadhaan hogganamu meeshaaleen biyya keessatti omishaman gabaa alarratti akka barbaadaman gochuun alergiin akka guddatu kan taasisu ta'uu hayyuun dinagdee beeksisan.

Inistituutii Qorannoo Imaammataa Biyyaalessaatti qorataan dinagdee Doktor Birhaanuu Alamuu fooyyessa dinagdee gooroo dhiyeenya mootummaan Itoophiyaa hojiitti hiike ilaalchisee turtii dheengadda Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, mootummaan waggoota sadan darban keessa karoora dinagdee waggoota kudhanii dinagdee mandhaleerratti xiyyeeffate baaseera.

Carraa hojii bal'aa uumuuf, qaala'iinsa gatii to'achuuf, omishaafi omishtummaa dabaluu madaallii daldalaa fooyyessuuf dinagdee gabaadhaan hogganamu dhaabbilee dhuunfaatiin socho'u diriirsuuf wantootni hojjetamuu qaban karooricha keessatti ifatti tarreeffamaniiru.

Hojmaanni gatiin sharafa alaa Baankii Biyyaalessaatiin akka hogganamuuf jedhu turuu yaadachiisanii, hojmaatti akkasii immoo gatii sharafa alarratti gabaa gurraachi (seeraan alaa) akka babal'atuuf sababa ta'eera jedhan. Babal'inni gabaa gurraachaammoo hanqina sharafa alaa uumuun dinagdee biyyattii dadhabsiisaa tureera jechuunis ibsan.

Gara fuula 14tti

Gara fuula 14tti

Itoophiyaan guyyaa tokkotti biqiltuulee miliyoona 615.7 dhaabuun seenaa hojjette

Taammiruu Raggaasaafi Gammachuu Kadiriin

Finfinnee/Jimma: Sagantaa guyyaa tokkotti biqiltuu miliyoona 600 dhaabuuf qabanne karoora ol biqiltuulee miliyoona 615.7 dhaabuun milkeeffachuu dandeenyerra jedhan Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad ('PhD').

"Guyyaa tokkotti hanga biiftuun baatee seentutti biqiltuulee miliyoona 600 dhaabuuf Itoophiyaanonni hundi karoofannee turre.

Waan yaadne otoo hinmilkeeffatiin biiftuun nutti hinseenuuti guyyaa tokkotti biqiltuulee miliyoona 615.7 dhaabuu dandeenyerra.

Daa'imman abdiisaanii dhaabaniiru. Dargaggoonni ciminsasaanii agarsiisaniiru. Maanguddoonni dhaala kaa'aniiru. Itoophiyaanonni xiqqaa hanga guddaatti manasaaniitti bahanii ashaaraasaanii hinmoofofne kaa'aniiru.

Waan waltaaneefi habaanneef waan addunyaarratti hinraawwatamne nuti Itoophiyaanonni raawwanneerra. Eegumsa madaallii jijjiirama haala qilleensaatiif

dhaabachaa oolleerra. Wabii nyaataa mirkaneessuuf dadhabaa oolleerra. Dhiqama biyyoo ittisuuf hiriiree oolleerra. Dachee keenyatti magariisa uwwisuuf lalisummaa deebisuuf otoo hinjilbeeffanne hojjenneerra. Uumaanis nu gargaaree waan yaadne milkeeffanneerra.

Lammiileen miliyoona 29.1 lafa hektaara 318.4 odeeffannoon ji'oospaashaalii argamerra biqiltuulee dhaabaniiru. Odeeffannoowwan hanga ammaatti bira hinga'ame waljalaa kan ibsamu ta'u.

Gara fuula 14tti



Cinaaksanitti qonni ummattoota ollaa hirmaachise; nageenya waaresse

Bayyanaa Ibraahimiin

Cinaaksan: Sababa rakkoo nageenyaatiin yeroo lamaa sadii qe'eesaaniirraa buqqa'anii gara Magaalaa Baabbileefi Harariitti godaanuuf kan dirqaman Jiraataan Aanaa Cinaksan Obbo Wazir Ahmad, maatiinsaani jireenya tasgabbaa'aa dhabuudhaan adda bittinnaa'ee ijoolleenis barumsa addaan kutuuf dirqamuu ibsu.

Gara fuula 15tti

Biyya dhaabdu, dhaloota waaresse

Charinnat Hundeessaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan keessumaa bara 2011 irraa kaastee hojmanee guddaa, biyyoota addunyaa hafaniif fakkeenya guddaa ta'u xiyyeeffannaan hojjechaa jirti, inisheetivii ashaaraa magariisaa.

Inisheetivii Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiin (PhD) jalqabamee hojiirra oolaa jiruun akka biyyaatti baay'inni biqiltuu qophaa'uus ta'ee dhaabamuu daran dabalaa dhufeera. Bu'aafi hubannoon inisheetivichaas ummata biratti babal'achaa dhufeera. Bara darbe guyyaa tokkotti biqiltuun miliyoonna 500 kan dhaabame yoo ta'u, barana ammoo miliyoona 600 dhaabuuf karoorfamee kaleessa haala gaariidhaan gaggeeffameera.

Dhimma ashaaraa magariisaa kanaan walqabatee abbaa inisheetivichaa kan ta'an Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) dhaabbii biqiltuu iddoowwan adda addaatti raawwachuun ergaawwan gara garaas dabarsaa turaniiru.

Kanaanis, "Waan gaarii dhaloota ittaanuuf



darbuu qabu kaa'uun yoo nu barbaachise inni tokkoffaafi salphaan egeree har'a dhaabuudha. Warri carraa tolaniifi jajjaboon ijoolleesaniitiif bu'uura misoomaa hojjetanii maallaqa baankiitti kuusuufiin hambaa kaa'anii dhaloota ittaanuuf haa ta'u jedhu.

Nuti, Itoophiyaanonni yoo xiqqaate xiqqaate ijoollee keenyaaf biqiltuu hurufaafi tulluuwanirra dhaabuu qabna. Biqiltuun kun yoo xiqqaate, nyaata, qoricha, bala jijjiirama qilleensaatiin dhufu jalaa

baraaramuuf nu gargaara. Biqiltuu dhaabuun qoricha dhaabuudha. Nyaata dhaabuudha. Miidhagina dhaabuudha. Bishaan humna guddaa qabuufi nu balleessuuf dhufutti daangaa gochuudha jedhan.

Kanaaf tokko tokkoon lammii Itoophiyaa dhiira dubartii, guddaa xiqqaa, barataa barsiisaa, qonnaan bulaa daldalaa, abbaan taayitaa... karaa qindaa'aafi ida'amaa ta'een hojjechuu qabna. Hojii biyyaalessaa

Gara fuula 14tti

ODUU

“Mariirraa hafuu mannaa hirmaatanii yaada ofii ibsatanii kan warra kaaniis dhaga’uu wayya”

- Paartiilee siyaasaa

Gammachuu Kadirin

Finfinnee: Marii biyyalessaarraa hafuu mannaa hirmaatanii yaada ofii ibsatanii kan warra kaaniis dhaga’uutu biyyaaf bu’aa qaba jechuun paartiileen siyaasaa waltajjii ajandaa walitti qabuu tibbana Bulchiisa Magaalaa Dirree Dhawaarratti qooda fudhatan ibsan.

Paartii Addis Tiwulid bakka bu’anii maricharratti kan hirmaatan Aadde Simirat Zarihun Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, qaamoleen marii biyyalessaarratti hirmaachuurraa duubatti jedhan dhiyaatanii yaadasaanii ibsachuu kan warra kaaniis dhaga’uu wayya.

Paartiileen hundi kan qabsaa’aniif hanga nageenyaafi jireenya ummataa fooyyessuuf ta’etti fagoo dhaabatanii quba walitti qabuurra carraa argametti fayyadamuudhaan ajandaa waliigaltee biyyalessaatiif galtee ta’u dhiyeessuu qabu.

Wayita waltajjii Komishiniin Marii Biyyalessaa qopheesserratti qaamoleen hawaasaafi qoodafudhatootni hirmaachuudhaan yaadasaanii ibsataniitti warri duubatti jechaa jiranis hafuun gaarummaa hinqabu. Dhimmichaa akka carraa gaariitti fudhatanii itti hirmaachuusaanii biyyaaf bu’aa qaba jedhan.

Paartiisaanii akkuma paartiilee biroo maricharratti hirmaatee ajandaalee marii biyyalessaaf bu’aa qaba jedhe dhiyeessuun



Addie Simirat Zarihuun

garee paartiilee siyaasaa waliin hirmaachaa jiraachuu ibsaniiru. Maricharratti paartiileen hundi yaadasaanii bilisaan ibsachaa jiraachuu eeranii, yaadoti biyya ceesisuu danda’an akka maddaniif abdi kan namatti horuudha jedhaniiru. Aadaan mariitti fayyadamuu waan hinjirreef malee wanti mariidhaan hinfuramne hinjiru jechuun barbaachisummaa marii biyyalessaa ibsaniiru.

Paartii Badhaadhinaa bakka bu’uun kan hirmaatan Aadde Iftuu Ahmadiis gamasaaniin, kanaan dura akka biyyaatti mariidhaan rakkoo furuun baratamuu baatullee amma tokko jennee eegalleerra jedhu.

Paartiileen siyaasaa ajandaalee



Addie Iftuu Ahimad

biyyaaf qabaata jedhan waltajjii marii biyyalessaarratti dhiyeessuun gareen mari’achaa jirra jedhaniiru. Adeemsi marichaas ifaafi hunda kan hirmaachise ta’uu himanii; qaamoleen adeemsi hinliqimsamneef tokko tokko humnaan deemuuf filataniiru jechuun ibsaniiru.

Adeemsi humnaan deemu waan biyya hinfayyadneef bu’aa ummataatiif jecha hirmaachuu dhiisuurra hirmaatanii yaadasaanii ibsachuun yaada warra kaanii dhaga’uun gaarummaa qaba jedhaniiru. Maarichi dhimmoota waloorratti walhubannoo akka uumuu dubbataniiru.

Walitti qabaan Mana Marii Paartiilee Siyaasa Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dhawaafi bakka bu’aan paartii ‘Izeemaa’ Obbo Yoonas



Obbo Yonaas Batiru

Batruus paartiileen magaalattiitti argaman saddeet marii biyyalessaa komishinichi qopheesserratti hirmaachuu eeraniiru.

Paartiileen argaman ajandaalee waliigaltee biyyalessaaf bu’aa qaba jedhan qabachuudhaan dhiibbaa tokko malee mari’ataniiru. Marichis marii yaadoti waliigaltee ta’an irratti dhiyaatan ta’uu himanii; qaamoleen adeemsi marii hinliqimfamneef tokko tokko qawwee kaasuun furmaata hinta’u jedhan.

Qawweedhaan furmaata barbaaduun akka rakkoo kamiifuu furmaata hintaane seenaa darberraa barachuun mariirraa hafuurra hirmaatanii, yaada qaban ibsachuun kan warra kaaniis dhaga’uutu bu’aa qaba jedhaniiru.

Murtoon kaabineen naannichaa murteesse galii ogeessota fayyaa daran dabala

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Murtoon kaabineen Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa investimantii damee fayyaa ilaalchisee ibbana murteesse galiin ogeessota fayyaa daran akka dabalu kan taasisu ta’uu Biiron Fayyaa Naannichaa beeksise.

Seektara fayyaatti gahee dhaabbilee dhuunfaa guddisuuf onnachiistuu investimantii fayyaa kaabineen naannichaa murteesse ilaalchisee biirichi Biroo Investimantiifi Industirii waliin ta’uun Wixata darbe miidiyaaleef ibsi kenneera.

Hogganaan Biiron Fayyaa Oromiyaa Doktor Mangistuu baqqalaa saganticharratti akka dubbataniitti, Oromiyaa keessatti tajaajilli dhaabbileen dhuunfaa hawaasaaf kenna jiran lakkoofsasaanii faana walhinmadaalu. Sadarkaan lakkoofsatti baay’innisaanii dhaabbilee fayyaa jiran keessaa harka 42 qabata. Tajaajilli isaan kenna jiran garuu dhibbantaa 10 gadi.

Sababa humna meeshaalee yaala fayyaa dhabuutiin, hanqina kaappitaalaafi deeggarsa barbaadan dhabuutiin dhaabbileen kunneen tajaajila lakkoofsasaanii madaalu hawaasaaf kennuu hindandeenye.



Kilinika malee buufatni fayyaa dhuunfaa hanga ammaatti hinjiru, hospitaalotnis muraasa. Kanneen jiranis baay’inaan hanqina qorichaafi sababoota biroorraa kan ka’e tajaajilli kenna sadarkaadhaa gadi.

Rakkoo kana bu’uurarraa furuuf kaabineen naannichaa dhaabbilee kanaan dura investimantii seektara fayyaa keessa jiraniifi haaraa seektaricharratti investigochuu barbaadan kan biyya keessaafi biyya alaa jajjabeessuun fayyaa lammiilee eeguuf hirmaannaan dhaabbilee dhuunfaa ittidadaluun danda’amurratti ogeessota waliin erga irratti mari’atee booda onnachiistuuwwan murteesseera.

Murtoo kanaan dhaabbileen qorichaafi meeshaalee yaala fayyaa omishaniifi alaa



galchan, dhaabbileen leenjii dheeraafi gabaabaa fayyaarratti kenna kolleejjii yunivarsiitii dabalatee fayyadamoo ta’u. Dabalataanis namootni ogummaa fayyaa osoo qabanuu hojidhabaa ta’an gurmaa’aniifi humnoonamii murtoo kanaan fayyadamaa ta’uu danda’u.

Hogganaan Biiron Investimantiifi Industirii Oromiyaa Obbo Ahmad Idiris gamasaaniitiin akka jedhanitti, onnachiistuu murtaa’e kun kanaan dura seektara kamuu keessa kan hinturreedha.

Dhaabbileen investimantii damee fayyaarratti bobba’uuf fedhii qaban, lafa waggaa 10-16 karaa kaffaltii liizirraa bilisa ta’een akka argatan, waggaa 5-8

Gara fuula 14tti

Oromiyaatti biqiltuuleen baala shaayii miliyoona 413 dhaabbiif qophaa’an

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Oromiyaatti bara 2016 biqiltuuleen baala shaayii miliyoonni 413 dhaabbiif qophaa’uu Biiron Qonna Naannichaa beeksise.

Hogganaa ittaanaan biirichaa Obbo Mahaammadsaanii Amiin ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, naannichi potenshaalaafi carraa bal’aa misooma shaayiif ta’u qabaatus waggoota baay’eeffannaa dhabuurraa kan ka’e bu’aa barbaadamu otoo irraa hinargatiin tureera.

Waggoota lamaa as garuu xiyyeeffannoo kenneen inisheetivii omisha baala shaayii jalqabuun hojiiileen abdi namatti horan hojjetamaa jiru. Inisheetivii kanaan barana biqiltuu baala shaayii miliyoona 413 lafa hektaara kuma 30 uwwisuu danda’u qopheessuun danda’ameera. Kana keessaa ganna kana biqiltuu miliyoona 77 dhaabuuf karoofamee hanga ammaatti miliyoona 70

Gara fuula 15tti

Ijoo Dubbii



Egere har'a ijaaruu

“Bosoonni fayyummaa dachee keenyaafi nageenya ilmaan namaaf daran barbaachisu. Oksijiinii nuu kennanii kaarboonii kuusuudhaan haala qilleensaa to'atanii jijjiirama qilleensaa hir'isuuf gargaaru.

Bosoonni uumamoota miliyoonaatti lakkaa'amanii man'ee jireenyaa ta'uudhaan lubbudaneeyyii of keessatti qabatu. Bosonoota qabnu haa kunuunfannu. Biqiltuwwan dabalataa dhaabuudhaanis uwwisa bosona keenyaa haa guddifnu” Ministira Muummee Abiyi Ahmad (*PhD).

Haaluma kanaan barana biqiltuu biliyoona 7.5tu dhaabbiidhaaf qophaa'e. Biqiltuuleen kunniin buufataalee kuma 115tti qophaa'an. Baay'inni kun waggaa jahan har'aa kuma 45 qofa ture. Milkaa'inni guddaan kun kan argame ashaaraa magariisaati.

Akaakuun biqiltoota qophaa'aniis akkasuma dabaleera. Fakkeenyaaf biqiltuun shimalaa miliyoona 80 barana qofa qophaa'eera. Lafa hektaara miliyoona lamatu dhaabbii baranaatiif addaan baafame. Guyyaa tokkotti biqiltuulee miliyoona 600 dhaabuuf karooftamee kunis kaleessa haala gaariidhaan raawwatameera.

Itoophiyaan keessumaa bara 2011 irraa kaastee hojmanee guddaa, biyyoota addunyaa hafaniif fakkeenya ta'u xiyyeeffannaan hojjechaa jirti, inisheetiivii ashaaraa magariisaa. Bu'aafi hubannoon inisheetiivichaa ummata biratti babal'achaa dhufee. Abbaa inisheetiivii ashaaraa magariisaa kan ta'an Ministirri Muummee Abiyi Ahmad(PhD) dhaabbii biqiltuu iddoowwan adda addaatti raawwachuun ergaawwan gara garaas dabarsaa turaniiru.

Kanaanis, “Waan gaarii dhaloota ittaanuuf darbuu qabu kaa'uun yoo nu barbaachise inni tokkoffaafi salphaan egere har'a dhaabuudha. Warri carraa tolanii jijjaboon ijoolleesaniitiif bu'ura misoomaa hojjetanii maallaqa baankiitti kuusuufin hamba kaa'u.

Nuti, Itoophiyaanonnis yoo xiqqaatee xiqqaate ijoollee keenyaaf biqiltuu hurufaafi tulluwwanirra dhaabuu qabna. Biqiltuun kun yoo xiqqaate, nyaata, qoricha, balaa jijjiirama qilleensaatiin dhufu jalaa bararamuuf sadarkaa olaanaadhaan kan gumaachuudha. Biqiltuu dhaabuun qoricha, nyaataafi miidhagina dhaabuudha. Bishaan humna guddaa qabuufi nu balleessuuf dhufutti daangaa gochuudhas jedhan.

Egaa, biqiltuu dhaabuun uumama wajjin waliigaluufi araaramuudha. Hojiilee ijoo hunda fayyaduufi dhaala dhaloota ittaanu boonsuudha. Kanaaf lammiin hundi kanarratti qindoominaan hojjechuu qaba; dhimmichi biyya magariisa taate dhaloota ittaanu dhaalchisuun waan ta'eef.

Mukeen waggoota dhibbaaf turuuf dandeettii qabu. Kun seenaa tursiisuuf daran kan gargaaru waan ta'eef dhaloota ittaanuuf waantota barreeffamaafi bobboocan kaa'amu caala.

Dhaloonni ittaanu kun bilqiltuu abbootiin keenya nuu dhaabaniidha jedhee ashaaraa amma kaa'amaa jiru deebisee akka yaadatu waan taasisuuf biqiltuu dhaabuufi kunuunsuun barsiifata ta'uu qaba.

Biqiltuulee danuu dhaabuu qabna. Kana barsiifata godhachuufi Itoophiyaa magariisa gochuun nurraa eegama. Yoo kana goone rakkoon roobaa nu himudatu. Yoo hanqinni bishaanii hinjiraanne ciccitiinsi elektirikii nu himudatu. Facaane haammachuufis hinrakkannu. Kanaaf ummanni Itoophiyaa biqiltuu faayidaalee danuu qabu kana dhaabuu muuxaneeffachuu qaba. Ijoolleesaa waan gaarii akkanaa barsiisuun daran murteessaadha.

Fulbaana booda biqiltuu amma dhaabne kunuunsuun hirmaannaa ho'aa dhaabbiiratti mul'ateen ittifufuu qaba. Kun akka ta'uufis kutaaleen hawaasaa marti tattaaffii dabalataa gochuudhaan karoora dhaloota egeree jiddugaleffate kana milkeessuu qabu; dhimmichi egere har'a ijaaruun waan ta'eef.

Yaada/Ajandaa

Ergaawwan dhaabbii biqiltuu ilaalchisuun darban keessaa

“Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Galaanitti argamuun sagantaa dhaabbii biqiltuu Ashaaraa Magariisaa irratti hawaasa keenya waliin hirmaachuun galaa dhaloota egereef ta'u kaa'uu kiyyatti kabaja guddaatu natti dhagahama.

Dhalli namaa hamba umamaa leecalloo badhaadheen kan eebbifame. Haata'u malee, leecalloowwan kanneen of eeggannoo malee mancaasuun balaa hamaaf saaxilameera. Sagantaan Ashaaraa Magariisaa akka biyyaatti Looreeta Nagaa Addunyaa, Muummee Ministiraa keenya, Doktor Abiyi Ahmadiin eegalame kun qormaatachaaf deebii keenya hangafaati.

Naannoon keenya yeroo hunda humna ummata isaatiin waan ajaa'ibsiisaa hojjechuu irratti adda dureedha. Haaluma kanaan, akka naannooti bariin bahuun gaarreewwan keenyatti naatoo, sululoota adiyoomanitti abdi, lageewwanifi burqituwwan keenyatti kuula uwwisnee jirra.

Lammiilee waamicha keenya fudhattanii qooddatoota seenaa kanaa taatan hunda maqaa kiyyaafi maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin galateeffachaa biqiltuwwan dhaabbatan ofeeggannoo olaanoon akka kunuunsitan asumaan yaadachiisuun barbaada.

-Pirezidantii BMNO,
Obbo Shimallis Abdiisaa

Sagantaa dhaabbii biqiltuu guyyaa tokkotti biqiltuwwan miliyoona 600 dhaabuu keenya Finfinneetti iddoolee dhaabbii 168tti lafa hektaara 250 irratti eegallee jirra.

Ummanni magaalaa keenyaa yaamicha taasisneef fudhatee ganamaan baay'atee bahee dhaabbii irratti hirmaachaa jira. Diippiloomaatonni, Ambaasaaddaroonni, abbootiin amantaa, abbootiin Gadaa, daa'imman, dargaggoonni, abbootiin qabeenyaa, miidhamtootni qaamaa akkasumas hoggantoonni dhaabbilee garaa garaa 'kan eegalle osoo hinxumurin hingallu' jechuun dhaabbii biqiltuurratti hirmaachuurratti argamu.

Miliyoona 600 keessaa biqiltuu miliyoona 6 kan dhaabdu Finfinnee!

Biyya dhaabdu. Dhaloota Waarressu!

Waaqni Itoophiyaafi ummatashee haa eebbisu!

- Kantiibaa Magaalaa Finfinnee,
Aadde Adaanach Abeebie

Maniwwan tarsiimawoo karoora xiiqqii bara 2017 keessaa

Waasihun Takileetiin

Maniwwan karoora xiiqqii bara 2017 milkeessuuf toora xiyyeeffannoo qabame sirriitti hojiirra oolchuun murteessaa ta'uu Mootummaan Naannoo Oromiyaa beeksisaa tureera.

Kaayyoon karoora xiiqqii kun wanti karoofame harcaatii malee milkaa'ee fedhiin bu'uraalee misoomaa hawaasaa akka guutamu eeggattummaan fi beelli akka dhabamsiifamu inisheetiiviiwwan gara garaa babal'isuun qonnaan bulaan lafasaa hagabuu akka hinbulchine kanneen lafa xiqqoo qabanimmoo dallaasaanii keessattillee misoomawwan gara garaa akka babal'isan kan jajjabeessuudha.

Haaluma kanaan omishaafi oomishtummaan dachaan akka dabaluuuf, makanaayizeeshiniin qonna ammayyaa akka babal'atu ta'aa kan jiru yoo ta'u, lafa xiqqoo qabanirrattis inisheetiiviiwwan, buuphaa, lukkuu, horii aannanii, fuduraalee gara garaa misoomsuun wabii midhaan nyaataatiin of danda'uufi gabaa tasgabbeessuun xiyyeeffannoo akka argatu ta'eera ammas xiiqqiin irratti hojjetamaa jiraachuu Biiron Kominikeeshinii Oromiyaa ibseera.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Isheetuu Sirneessaa ibsa Kibxata darbe kennaniin, mootummaan karoori xiiqqii bara 2017 akka milkaa'uuf xiyyeeffannoo ta'e bu'ureeffachuun humna guutuun hojjeta jedhaniiru.

Maniwwan tarsiimawaa qabaman keessaa wabii midhaan nyaataa mirkaneeessuu, allergii guddisuu, omisha alaa galu kan biyya keessaatiin bakka buusuufi carraa hojii uumuu jiddugaleeffatee baay'ina, qullullinaafi saffisaan hojiirra akka oolchu himaniiru.

Misooma midhaanii ilaalchisees waqtiilee arfaasaa, qonna gannaan, inisheetiivii qamadii boneen omishaafi omishtummaa dachaan dabaluu eeggattummaa alaa hambisuufi allergii biyyattii guddisuuf yoomiyyuurra akka hojjetamus ibsaniiru.

Guddachuu omishaafi oomishtummaa naannichaaf babal'achuun makaanaayizeeshinii qonna ammayyaa murteessaa ta'uus himanii, bu'uuruma karoora xiiqqii qabame kanaan tiraakteroota, 1150, kombaayinaroota 50 dhiyeessuuf qophaa'ummaan jiru olaanaadha jedhaniiru.

Hudhaalee dinagdee biyyattii boodeetti harkisu jedhaman kanneen akka alseerummaa damee albuudaarratti qaqqabaa jiru maqsuun bara 2017 albuudawwan qaali alatti ergamanirraa doolaara miliyoona 636.5 argamsiisuuf ni hojjetama jedhan.

Kan gabaa biyya keessaatiif oolanirraa qarshii biliyoona 2.5 argamsiisuuf kutannaan akka hojjetamu kan eeran Obbo Isheetuun, investimantiwwan biyya keessaafi alaa simachuun hojjidhabdoota miliyoona 3.4 ta'aniif carraa hojii uumuuf xiiqqiin akka hojjetamus ibsaniiru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency



Shaggaritti manneen daldalaa gatii dabalaa 379 irratti tarkaanfiin fudhatame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti fooyya'insa Dinagdee Gooroo akka biyyaatti taasifameen walqabatee manneen daldalaa omishaalee garaagaraarratti gatii dabalaa 379 irratti tarkaanfiin fudhachuu Waajjirri Daldala Magaalichaa beeksise.

Itigaafatamaan Waajjirichaa Obbo Bariisoo Tamasgeen Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, rifoormii dinagdee maakroo ilaalchisee akkuma Muummeen Ministeeraa kallattii kaa'aniin omisharratti gatiiin akka hin dabelle gochuuf magaalichatti koree taaksi foorsii hundeesuun hojiitti galee jira.

Taaksi foorsii kunis Waajjira haqaa, waajjira poolisii, waajjira daldalaafi qooda fudhatoota birootiirraa sadarkaa bulchiinsa magaalatiin hanga aanaatti kan hundaa'e yommuu ta'u, korichi tarkaanfiin bulchiinsaafi ogummaa fudhachuurratti argama.

Rakkoolee hubannoo dhabuurraa maddu waan ta'eef daldalootni qoonqoo lammii cufanii ofiisaanitiif karaa qaxxaamuraa duroomuuf yaalan gara seeraatti akka deebi'an gochuuf hojiin hubannoo cimsuu hawaasa daldalaafi jiraattootaaf waliigalatti namoota 4,857f kennameera.

Hanga Roobii darbeetti manneen daldalaa 379 tarkaanfiin irratti fudhatame keessaa 239 kan cufaman yommuu ta'u, 140 immoo akeekkachiisni itti kennamee, seera daldalaa eeguudhaan hojiitti akka deebi'an taasifameera.

Akkuma kanaan duraa sababa barbaadaniin gatii dabaluu malee rakkoon dhiyeessii hin jiru kan jedhan Obbo Bariisoon; mootummaan federaalaas ta'ee kan naannoo omishaalee industirii baay'inaan biyya keessatti omishuufi alaa galchuun oomishni fichisiistotarraa gara raabsitootaatti, rabsitootarraa gara shamattootaatti fuuncaasaa eegee akka raabsamuuf hordoffiifi too'annoo jabaan taasifamaa jira.

Omisha kuusuun manneen hojii argaman kanaan dura yakka hojjetanii hin beekan yoo ta'e, gabaa idileedhaan ummatatti akka gurguran taasifama kan jedhan Obbo Bariisoon; eeyyama daldalaa malee hojjechaa kan jiran yoo ta'e garuu omishnisaanii seera kontirobaandii too'achuuf baheen irraa kan fudhatamu ta'uu ibsaniiru.

Hawaasni daldaloota faaddila fayyadamanii jireenya dhorkan murteessuun hariiroosaafi mootummaa gidduu jiru balleessuun ofiisaaniif dorgommii malee duroomuuf hojjetan mootummaadhaaf dabarsee laachun mirga gabaarraa omisha bitachuuf qabu mirkaneeffachuu akka qabu ittigaafatamaan kun waamichasaanii dabarsaniiru.

Godina Baaleetti qonna arfaasaatiin qamadii kuntaalli miliyoonni 3.9 sassaabame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Baaleetti qonna arfaasaa baranaatiin qamadii kuntaala miliyoona shanii ol argachuuf karoofamee hanga ammaatti kuntaalli miliyoonni 3.9 sassaabamuu Waajjirri Qonnaa Godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Aliyyi Muhammad ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, omisha qamadiitiin godinichi akka guutuu biyyaattis ta'e naannootti adda dureedha.

Haala mijataa omisha qonna qamadiitti fayyadamuun beekumsa ammayyaa ittidadaluun hojiin omishaafi omishtummaa bal'inaan waqtiilee arfaasaafi gannaa hojjetamaa jira jedhaniiru.

Waqtii arfaasaatti lafa hektaara kuma 125 sanyii qamadiitiin uwwisuuf karoofamee, hektaara kuma 126 raawwatamuu himanii; kan faca'e keessaayis hanga ammaatti lafa hektaara kuma 98fi 936rraa callaa qamadii kuntaala miliyoona 3.9 sassaabameera jedhan. Omishtummaansaas yommuu ilaalamu giddugaleessaan hektaara tokkorraa kuntaala 39 akka ta'u eeraniiru.



Omisha qamadii walittiqabamaa jiru

Omisha gannaatiinis waliigalaan lafa hektaara kuma 578 akaakuuwwan sanyii midhaanii garagaraatiin uwwisuuf karoofamuu ibsanii, kana keessaa lafa hektaara kuma 341 irraa qamadiin akka facaamu himaniiru.

Lafa misoomaa jiru kanaarraa waliigala midhaan akaakuuwwan hundarraa callaa kuntaalli miliyoona 20 kan eegamu ta'uufi callaa qamadiimmoo kuntaala miliyoona

14 ol argachuuf karoofamee hojjetamaa jiraachui ibsaniiru.

Makaanaayizeeshiniin qonnaas godinichatti sadarkaa gaariiratti kan argamu ta'uu himanii, lafa qotamu keessaa %70 tiraaktaraan qotamee kombaayinaraan haamama jedhan.

Omisha qamadii walittiqabamaa jiru Obbo Aliyyi Muhaammad

Tola ooltummaan namoota miliyoona lamaaf tajaajila bilisaa Ministeera Fayyaatiin

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ministeerri Fayyaa Federaalaa hojii tola ooltummaa gannaan namoota miliyoona lamaaf tajaajila bilisaa kennaa jira.

Dursaan Garee Qunnamtii Ummataafi Kominikeeshinii Ministeerichaa Obbo Yordaanos Allabbaachoo tibbana Bariisaatti akka himanitti, ministeerichi hojii tola ooltummaa gannaatiin namoota miliyoona lamaaf tajaajila fayyaa bilisaan kennaa jira.

Ammaan tana hojii dhaabbileen fayyaa tola ooltummaan namoota kuma 75 bilisaan yaalan jiru. Kun ammoo karoora qabamee olitti raawwachuun akka danda'amu agarsiistuudha. Tajaajilootni akaakuuwwan adda addaa ministeerichi bilisaan hawaasaaf kennuu yaade kunneen waliigalaan qarshii miliyoona 41.5tti shallagamu.

Milkaa'ina Sagantaa Ashaaraa Magariisaaf Manneen hojii yaalaa fayyaa mootummaafi dhuunfaa isa jala jiran qindeessuun sadarkaa biyyaatti biqiltuu kuma 400 dhaabeera.

Biqiltoota kanneen keessaa kummi 70n fayyaaifi nyaataaf kan oolan ta'uu eeranii; hojii tola ooltummaa kanaan manneen harkaqaal'eeyyii suphuufi barattoota harkaqaal'eeyyiif deeggarsa meeshaalee barnootaa gumaachuufi sagantaan dhiiga arjoomuus akka taasifamu ibsu.

Aantummaa ministeerichi namummaaf qabu



Obbo Yordaanos Allabbaachoo

kan yeroo maraa ta'uu himaniinis; hundaa ol dhibee fayyaa hamoo ta'an kanneen akka dhibee sombaa, onnee, shukkaaraa, ijaafi gogaa qorannoo bilisaa taasisuu cinaatti tajaajila yaalaas akka kennu dubbau.

Kana malees, namoota sababa hanqina dhiigaatiin lubbuun darbu baraaruuf bara darbe hojii tola ooltummaan dhiiga yunitii kuma 40 walitti qabuu himanii; ganna kanas haaluma walfakkaatuun hojii tola ooltummaan dhiiga yunitii kuma 40 walitti qabuu sochiirra jiraachuu eeru. Milkaa'inasaafis hojiin hubannoo uumuu

bal'inaan hojjetamaa jira jedhan.

Ministeerri Fayyaa barattoota harkaqaal'eeyyii waggaa waggaa hojjetootasaa qindeessuun deeggaraa turuu kaasanii; ganna kanas barattoota 500 ta'an, keessattuu Naannoo Benishaangul Gumuz jiran meeshaalee barnootaan deeggaruuf sochiirra jiraachuu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Naannoo Beenishaangul Gumuzitti hojiin manneen harkaqaal'eeyyii haressuu raawwatamaa jiraachuu Obbo Yordaanos dubbataniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Hagayya 18 Bara 2016

**“Faanni hojii barbaacha
mudhuke har’a ititee,
guyyaatti mismaara kiiloo
giraama 500 (kaartoonii
100) omishaa jira”**

*- Eebbifamtoota hojii
uummatan*

fuula 9



**“Wiirtuun Haaromsaafi Gabbisa
Ogummaa Dubartootaa ‘Yanagawaa’
waggaatti dubartoota kuma
10 leenjisee hojiitti galchuuf
karoorfatee hojjechaa jira”**

- Doktor Hirphasaa Caalaa

fuula 6



**Seektara
hir’uudhaan
magaalaa
gaggeessuun
hamma yoomiitti?**

fuula 10

KEESSUMMAA BARIISAA

“Wiirtuun Haaromsaafi Gabbisa Ogummaa Dubartootaa ‘Yanagawaa’ waggaatti dubartoota kuma 10 leenjisee hojiitti galchuuf karoofatee hojjechaa jira”

-Doktar Hirphasaa Caalaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan bariisaa maxxansa kanaa Daariktara Wiirtuu Haaromsaafi Gabbisa Ogummaa Dubartootaa ‘Yanagawaa’ kan ta’an Doktar Hirphasaa Caalaati. Gaafdeebii wiixata darbe kaayyoo hundeeffamaafi tajaajila wiirtichi kennaa jirurratti xiyyeeffachuun isaan waliin taasifne akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Bariisaa: Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessan gabaabaatti utuu nuu ibsitani?

Doktar Hirphasaa: Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Lixaa, Magaalaa Gudar, Ganda Nagaafilee jedhamuttiin dhaladhee guddadhe. Barnoota koo sadarkaa tokkoffaafi lammaffaas bakkuma dhaloota kootin baradhe.

Digrii koo jalqabaa Kolleejii Barsiisota Leenjii Kotobee kan yeroo ammaa Yunivarsitii Barnootaa Kotobee jedhamutti baradheen ‘Geography and Environmental Studies’ jedhuunan eebbifame. Digrii koo lammaffaa (MA) Yunivarsitii Finfinneetti baradheen ‘Leadership’n eebbifame. Digrii koo sadaffaa (PhD) ammoo ‘University of Kerala’ Hinditti argamutti baradheen ‘Leadership and Management’n eebbifame.

Jalqaba barsiisummaan mindeeffamee bakkawwan gara garaatti tajaajileera. Ergan barsiisummaarraa gara hoggansaatti ce’ees bakkawwan gara garaatti tajaajileera. Hundeesitoota Mana Barnootaa Bultii Addaa WMO Adaamaa keessaa nama tokkon ture. Mana barnootichaas hogganaa duraa ta’ee waggoota shaniif tajaajileera. Isa booda Ministeera Kalaqaafi Teknolojiitti mindeeffameen Inistiitiyuutii Wiirtuu Kalaqaa (Talent Development Institute) jedhamu waggoota afuriif hoggaa duraa ta’ee tajaajileera.

Inistiitiyuutichi bakka leenjitoonni biyyattii dandeeitti kalaqa addaa qaban itti hojjetaniidha. Leenjiin inistiitiyuutichatti kennamus kan barnootaafi leenjii idileetiin kennamurraa adda. Inistiitiyuutichi bakka kalaqoonni addaa biyyattii jijjiiruufi fooyyessuu danda’an itti kalaqamaniidha.

Inistiitiyuutichi Ministira Muummee Doktar Abiyyi Ahmadiin hordofamaa ture. Yeroo ammaa ammoo Daariktara Wiirtuu Haaromsaafi Gabbisa Ogummaa Dubartootaa ‘Yanagawaa’ ta’een tajaajilaa jira. Wiirtuu haaraa kanattis Daariktara duraa ta’een hojjetaa jira.

Bariisaa: Kaayyoon hundeeffama wiirtuu kanaa maali? Tajaajila akkamiis kennaa jira?

Doktar Hirphasaa: Ijaarsi wiirtichaa yaada Kabajamtuu Kantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebee maddisiisaniin jalqabame. Kaayyoonni inni guddaanis dubartoota Magaalaa Finfinnee sababoota gara garaattiin rakkoolee hawaas dinagdee hamaaf saaxilaman, hojii hinmalle keessa seenaniifi daandiiirra jiraataniifi kadhatan ogummaawwan gara garaattiin leenjisee eebbisiisuun galii

mataasaanii uummatanii of danda’anii akka jiraatan taasisuudha. Wiirtichi dubartoota qofaaf haaromsaafi leenjii kennaa jira. Dubartoonni wiirtichatti leenji’anis hojii kaleessaa fokkisaa ture keessaa ba’anii hojjetanii akka of jijjiiran taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Wiirtichi lafa hektaara 10 kan qabu yoo ta’u, kana keessaa lafa hektaara shanirratti gamoowwan 17 ta’an qulqullina sadarkaasaanii eeggataniin ijaaramaniiru. Ijaarsi wiirtichaa yeroo gabaabaa (ji’oota 11) keessatti xumuruun saffisaan seenaa ijaarsa biyya kana keessatti tokkoffaa ta’ee galmaa’eera. Kun ijaarsi wiirtichaa kutannoofi hordoffii cimaadhaan adeemsifamaa turuu agarsiisa. Ministirri Muummee sirna eebba wiirticharratti argamuunis xiyyeeffannaa mootummaan wiirtichaa kenne agarsiisa.

Wiirtichi torban darbe dubartoota marsaa duraa ogummaawwan gara garaattiin ji’oota shaniif leenjise 500 keessaa dubartoota 302 bakka Kantiibaana Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebee hoggantoonni biroon argamanitti eebbisiiseera. Dubartootni kaan sababa dhibee sammuu, rakkoo fayyaa, da’umsaafi umuriiin leenjicha addaan kutuuf dirqamaniiru.


Wiirtichi cabiinsa hawaasummaafi dinagdee dubartoota Magaalaa Finfinnee rakkoolee gara garaattiif saaxilamaniis suphuun of danda’anii akka jiraatan taasisuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jira.

Wiirtichatti kan leenji’an dubartoota akaakuu afuri. Tokkoffaa dubartoota rakkoo hawaasummaa hamaaf saaxilamaniifi galii dhuunfaa hinqabneefi maatiirratti ba’aa turaniidha. Lammaffaa dubartoota biyya Arabaarraa deebi’anii rakkoo keessa jiraniidha. Sadaffaa dubartoota daandiiirra ba’anii kadhaadhaan jiraachaa turaniidha. Afraffaan dubartoota hojii hinmalle (foonsaanii gurgurani) jiraachuurratti bobba’aniiidha. Dubartoonni jireenyi guutuufi didnaan malee fedhiidhaan hojii kana keessa hinseenan.

Wiirtuun kun dubartoota sababoota gara garaattiin rakkoolee hawaas dinagdee adda addaatiif saaxilaman leenjisee hojii dhuunfaasaanii akka uummatanii of danda’anii akka jiraatan taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Dubartoonni oggaa leenjiif gara wirtichaa seenan ji’a tokkoo oliif waa’ee leenjii haaromsaa (xiinsammuu) fudhatu. Leenjiin kun dubartoonni yaadaafi jireenya keessa turan keessaa haala kamiin ba’uu akka danda’aniiifi yaada cimani hojjetanii of danda’anii jiraachuufi biyya ijaaruu akka horatan isaan taasisa.

Wiirtichi kilinika guddaa meeshaaleefi



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

hakiimota ga’aa waan qabuuf leenjitoota hundaaf tajaajila fayyaa bilisaan kennaa jira. Fayyummaan, nyaatni, bakki bultii (doormii)fi qulqullinni dubartoota gara wiirtichaa dhufanii eegamee barnootaafi leenjii kennamurratti akka xiyyeeffatan taasifamaa jira. Dubartoonni guyyaa leenjiif gara wiirtichaa seenanii kaasanii hanga eebbifamani ba’anitti mooraa keessa turu. Dubartoonni leenjii haaromsaa erga xumuranii booda gara leenjii qabatamaatti seenu.

Bariisaa: Wiirtichi dubartoota simatu ogummaa akkam akkamiitiin leenjisee baasa?

Doktar Hirphasaa: Wiirtichi dubartoota simatu ogummaawwan gara garaa 18 ta’uun leenjisee baasaa jira. Qonna magaalaa jalatti leenjiin horsiisa lukkuu, horsiisa saawwan aannaniifi furdisa loonii ni kennama. Leenjii huccuu jalatti leenjiin uffata hodhuu, shurraaba dhahuufi xibraa ni kennama.

Miidhagina dubartootaa jalatti leenjiin shurrubbaa hojjechuu, rifeensaafi qeensa bareechuu, fuula ‘scrap’ taasisanii bareechuufi maasaajiin ni kennama. Ijaarsa jalatti leenjiin ujummoo bishaaniifi sarara elektirikii sirreessuufi suphuu ni kennama. Nyaataa jalatti leenjiin nyaatawwan ammayyaa, aadaafi daabboofi keekii sadarkaasaa eeggate hojjechuu ni kennama. Leenjiin dhugaatii ho’aa kanneen akka bunaa, shaayyifi maakiyaatoo maashiiniin danfisuus ni kennama.

Kaamettummaa (mana seeraan qabachuu) jalatti leenjiin meeshaa dhiquufi qulqulleessuu, uffata laawundariidhaan miicuu, qoorsuufi sirreessanii dachaasuu, maashiiniidhaan mana qulqulleessuu ni kennama. Tajaajila hoteelaa jalatti haala keessummaan ittiin simatamu, sireen ittiin hafamu, meeshaalee seeraan kunuunfaman irratti leenjiin ni kennama. Leenjii kunuunsa daa’immaniifi namoota guguddoo haala ammayyaa’aan barsiisota ga’umsa qabaniin kennamaa jira.

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Wiirtuun Haaromsaafi Gabbisa Ogummaa Dubartootaa...”

Bariisaa: Dubartoota marsaa duraa torban darbe wiirticharraa ogummaawwan gara garaatiin eebbifamaniif carraa hojii uumuuf maaltu hojjetamaa jira?

Doktar Hirphasaa: Dubartootni marsaa duraa torban darbe wiirticharraa eebbifamanii ba’an hundi hojii dhuunfaasaanii akka uummataniif haalli mijateera. Dubartoonni leenjii xumuranii ba’an jiruu gadadoo kaleessaatti akka hindeebine gochuuf bulchiinsi Magaalaa Finfinnee dhaabbilee mootummaa, mitmootummaafi abbootii qabeenyaa gara garaa waliin ta’uun sheedii qopheessuurraa kaasee deeggarsa guddaa taasisaa jira. Dubartoota kunneen hojii qabsiisuu qofa utuu hintaane hanga isaan of danda’anii jiraatanitti ji’oota muraasaaf deeggarsi mana kiraafi nyaataa ni taasifamaaf.

Dubartoonni marsaa duraatiif eebbifaman marti guyyoota kudhan hafan keessatti hojii kan jalqaban ta’u. Kaayyoon wiirtichaa leenjisee baasuu qofa utuu hintaane kanneen leenji’an hojii qabsiisuurrattis xiyyeeffatee hojjechaa jira. Lakkoofsa dubartoota leenjisuufi boru hojiirratti bobbaafnurratti sirriitti itti yaadnee karoorsinee hojiirra oolchaa jira.

Bariisaa: Wiirtuun leenjii kun altokkotti leenjitoota meeqa simachuu danda’a? Leenjii marsaa lammaffaarratti ammoo dubartoota meeqa simachuuf karoofateera?

Doktar Hirphasaa: Wiirtuun kun altokkotti leenjitoota kuma lama simachuu danda’a. Wiirtuun kun haaraa ta’uusaatiin walqabatee altokkotti leenjitoota kuma lama simachuun rakkisaadha. Marsaa lammaffaadhaan leenjitoota kan marsaa lammaffaarra caalan simachuuf karoofateera jira. Lakkoofsi leenjitoota marsaa lammaffaaf simannuu dhiyeenyatti boordiidhaan murtaa’ee kan beeksifamu ta’a. Baay’inni leenjitoota marsaa lammaffaa kan marsaa duraarra harka baay’een dabaluu danda’a.

Leenjii marsaa lammaffaatiifis qophii barbaachisu xumurreerra. Muuxannoo leenjii marsaa duraarratti horannetti fayyadamuudhaan leenjitoota marsaa lammaffaaf leenjisuufi tajaajila caalu kennuuf qophii barbaachisu xumureerra.

Bariisaa: Wiirtuun kun hundaa’uun rakkoolee hawaas-dinagdee dubartootaa furuu keessatti gahee akkamii qaba?

Doktar Hirphasaa: Wiirtuun kun dubartoota hanqina galii guddaa qaban leenjisee gara hojiitti galchuudhaan galii mataasaanii uummatanii of danda’anii akka jiraatan gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Leenjii kun ummata hojiitti amanu omishuun dinagdeen ofdanda’anii akka jiraatan taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Dubartoonni duraan galii hinqabne erga leenji’anii booda dafqanii hojjetanii galii argartaniin ofiifi maatiisaanii akka bulchan taasisuudhaan rakkoolee hawaas-dinagdee dubartootaa furuu keessatti gahee olaanaa qaba. Wiirtichi dubartoota kadhannaan jiraachaa turan leenjisee hojiitti galchuun galii argataniin ofiifi maatiisaanii akka bulchan taasisaa jira. Hojiin kun guddina dinagdee magaalattii utubuu keessattis shoora mataasaa ni qaba.

Bariisaa: Wiirtuun kun naannoleef muuxannoo qoodaa jiraa?

Doktar Hirphasaa: Magaalaa Finfinneetti hojiileen naannolee biyyattiif moodela ta’an hedduun raawwatamaa jiru. Naannoleenis Finfinneerra muuxannoo qoodachuun hojiilee jalqabaman magaalotasaanii keessatti ittifufsiisaa jiru. Hoggantoonni naannolee



biyyattii gara garaa wiirtuu kana dhufanii daawwachuun muuxannoo irraa qooddachaa jiru.

Dubartoonni wiirtuu kanatti leenji’an baay’een naannolee gara garaarra kan dhufaniidha. Kanaafuu hoggantoonni wiirticha daawwatan biyyaa ba’anii rakkoolee gara garaaf akka hinsaaxilanneef akkamitti naannoosaaniitti gargaaruufi deeggaruu akka danda’anirratti barnoota kennaafi jirra; muuxannoos qoodaafi jirra.

Hoggantoonni Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii naannolee gara garaa dhufanii wiirtuu kana daawwachuun dhimma kanarratti hojmanee fudhatanii galaa jiru. Dubartoonni bakkuma jiranitti deeggarsa maluuf akka argatan taasisuun dhimma xiyyeeffannaa addaatiin irratti hojjetamuu qabuudha. Wiirtuun leenjii kunis dhimma kanarratti muuxannoo qoodaafi jira.

Bariisaa: Leenjii wiirtichi kenna jiru karoora mootummaan gargaaramtummaafi kadhaa keessaa ba’uuf hojiirra oolchaa jiru milkeessuu keessatti gahee akkamii qaba?

Doktar Hirphasaa: Hojiin wiirtichi raawwachaa jiru karoora mootummaan gargaaramtummaafi kadhaa keessaa ba’uuf taasisaa jiru milkeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Wiirtuun kun dubartoota galii hinqabne leenjisee hojiirratti bobbaasuudhaan gargaaramtummaafi kadhaa keessaa ba’anii of danda’anii akka jiraatan taasisaa jira.

Abbootiin qabeenyaas dubartoonni wiirticharraa leenji’anii ba’an hojii akka argatan taasisuurratti gumaacha guddaa taasisaa jiru. Wiirtichi dubartoota eeggattummaa, kadhaafi gargaaramtummaa jalaa baasuufi hojjetanii galii dhuunfaasaaniitiin ofdanda’anii akka jiraatan taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa waan jiruuf karoora mootummaa qabatee hojiirra oolchaa jiru waliin hidhata guddaa qaba.

Wiirtichi waggaa tokko keessatti dubartoota kuma 10 leenjisee hojiirratti bobbaasuuf karoofatee hojjechaa jira. Wiirtuun kun waggoota muraasa booda akka Afrikaatti wiirtuu leenjii dubartootaa guddaa ta’a. Wiirtuun kun hojii jalqabe cimsee ittifufuudhaan eeggattummaa, gargaaramtummaafi kadhaa Magaalaa Finfinnee keessa jiru hir’isuu keessattis hojii cimaa irraa eegamu bahachuuf

humnasaa cimsuurrattis xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Kaayyoon wiirtichaa inni guddaan lakkoofsa hojdhaddootaa, kadhattootaafi gargaaramtoota hir’isuu utuu hintaane dhabamsiisuun namoonni hojjetanii galii mataasaaniitiin of danda’anii akka jiraatan taasisuudha.

Bariisaa: Hojii wiirtichi raawwachaa jiru milkeessuu keessatti hirmaannaan hawaasaafi qaamolee gara garaa maal ta’uu qaba?

Doktar Hirphasaa: Hojiin wiirtichi raawwachaa jiru deeggarsa mootummaan taasisu qofaan milkeessuun waan hindanda’amneef hirmaannaan hawaasaa, abbootii qabeenyaafi dhaabbilee gara garaa daran murteessaadha. Dubartoota wiirtichatti leenji’anii ba’an bakka duraan turanitti akka hindeebineef hojii qabsiisuun barbaachisaa waan ta’eef deeggarsi abbootii qabeenya baay’ee murteessaadha.

Keessumaa dhaabbileen dhimma deeggarsa dubartootaarratti hojjetan wiirtuu deeggarsa dubartootaarratti hojjetu kana deeggaruu qabu. Harka walqabannee dhimma kanarratti yoo hojjenne jiruufi jireenya dubartoota rakkoolee gara garaa keessa jiranii fooyyessuu ni dandeenya.

Akka biyyaattis ta’e magaalatti lakkoofsi dubartootaa guddaa waan ta’eef rakkoo hawaas-dinagdee dubartootaa furuun rakkoo hawaasaa furuufi guddina akka biyyaatti yaadnu milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Rakkoolee hawaas-dinagdee dubartootaa furuun jiruufi jireenyaasaanii fooyyessuuf hunduu qabeenya, humnaafi beekumsaan isaan deeggaruu qaba. Kun guddina dinagdee biyyaa milkeessuu keessattis gahee guddaa qaba.

Bariisaa: Jijjiirami leenjiiidhaan duraafi leenjii booda dubartootarratti mul’ate akkamitti ibsama?

Doktar Hirphasaa: Dubartoota wiirtichatti leenji’anii ba’anirraa jijjiirama lamatu mul’ata. Isaanis jijjiirama qaamaafi ogummaati. Dubartoonni jalqaba gara wiirtichaa yeroo seenan fuulli saanii qorra, aduufi nyaata dhabuun rukutamee waan tureef miirri fuula isaaniirraa mul’atu baay’ee kan nama gaddisiisuu ture.

Leenjii xumuranii wayita eebbifaman garuu fuulliifi qaamnisaanii bareedee argama;

fuulasaaniirraas miira gammachuutu dubbifama. Leenjiiidhaan boodaa ogummaa gara fuulduraatti ittiin hojjetanii jiraatan horatanii ba’u. Dubartoonni huccuurratti leenji’an uffata dizaayinii barbaadamuun safaranii muruufi hodhuu danda’aniiru. Leenjii ogummaa biroorrattis akkasuma. Kun dubartootaaf haalli mijannaan hojii kamiyyuu hojjechuu akka danda’an agarsiisa.

Leenjiiidhaan booda xiinsammuu dubartootaa hojjetanii jiraachuutti amaneera. Dubartoota wiirtuu keenyatti leenji’anii qormaata mirkaneessa gahumsa ogummaa akka Magaalaa Finfinneetti qophaa’u fudhatan keessaa %94 darbaniiru. Kun dubartoonni wiirtuu keenyatti leenji’an dorgomaa cimaa ta’uu isaanii agarsiisa. Dubartoonni kunneen guutummaatti gara hojiitti wayita seenan waan guddaa hojjetanii jijjiirama barbaachisu ni fidu jennee abdanna.

Bariisaa: Wiirtichi hojii eegale caalaatti milkeessuuf wantoonni guutamuufi qaban maal fa’i?

Doktar Hirphasaa: Hojii wiirtichi raawwachaa jiru caalaatti milkeessuuf deeggarsa ummataa baay’ee barbaadna. Leenjiiwwan ogummaa 18 ta’u wiirtichi kenna jirurratti qaamolee nu deeggaran ni barbaanna. Dubartoonni wiirtichatti leenji’anii ba’an hunduu hojii argachuu qabu. Dhimma kanarratti abbootii qabeenyaafi dhaabbilee gara garaarra deebii gaarii eegganna. Wal ijaarree waliin biyya guddisuuf qindoominaan hojjechuu qabna.

Wiirtichi haaraa ta’uun walqabatees meeshaaleen barbaachisan hundi guutamaniiru jechuu hindandeenyu. Meeshaaleen duraan galan kaan ammoo dhuma waan deemaniif jala jalaa guutaa deemuun barbaachisaadha. Wiirtichi humna namaa qacarriidhaanis ta’e naannessaan akka fudhatuuf eyyama argateera; bajatnis gad nuu lakkiifameera.

Abbootiin qabeenyaafi dhaabbileen adda addaa wiirticha daawwachuun xiinsammuu leenjitoota fayyisuufi abdi akka horatan taasisuu qabu. Dhala namaatiif waanti guddaan barbaachisaan ani siif jiraa jabaadhu jedhanii jajjabeessuudha. Qaamoleen hundi nu waliin yoo hiriire hojii wiirtichi raawwachaa jiru caalaatti ni milkeessina. Guddina waloo fiduufis nu gargaara.

Bariisaa: Wiirtuun kun gara fuulduraatti sadarkaa akkamiirra ga’uuf karoofatee hojjechaa jira?

Doktar Hirphasaa: Wiirticha bara 2030tti akka Afrikaatti ‘Center of excellence’ cimaa taasisuuf karoofannee hojjechaa jira. Wiirtichi imala eegale milkeessuudhaaf dhaabbilee addunyaa dhimma dubartoota gargaaruurratti hirmaatanirraa barreeffamaan muuxannoo qooddachaa jira. Gara fuulduraatti qaamaan biyyoota gara garaa deemuun muuxannoo qooddachuuf karoora qaba.

Bariisaa: Dhumarratti ergaa yoo qabaattan?

Doktar Hirphasaa: Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee wiirtuu kanaaf dursa kennuun bajata barbaachisu ramadee deeggarsa barbaachisu taasisaafi jira. Miidiyaanis hojiilee wiirtichi raawwachaa jiru beeksisaa jiru. Kun cimee itti fufuu qaba. Carraa kanatti fayyadamuun Gaazexaa Bariisaas baay’een galateeffadha. Qaamolee biroonis deeggarsa wiirtuu kanaaf taasisan cimsanii akka itti fufan yaadachiisuun barbaada. Waliin taanee magaalaa ta’e biyya keenya haaguudisuun dhaamsa kooti.

Qarreefi Qeerroo

“Waan fedhiin hojii isin keessa jiruuf malee leenjiin ji’a afurii akkasitti isin jijjiiruu hindanda’u”

- Kantiibaa Adaanach Abeebce

Natsaannat Taaddasaatiin

Wiirtuun Haaromsaafi Gabbisa Ogummaa Dubartootaa ‘Yanagawaa’ yaada kantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadne Adaanach Abeebce maddisiisaniin ijaarame.

Wiirtuun Finfinnee, Kutaa Magaalaa Aqaaqii Qaallittiitti ijaarame Bitootessa 5 bara 2016 bakka Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad, Giiftiduree Zinnaash Taayyaachoo, Kantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadne Adaanach Abeebce hoggantoonni mootummaa Federaalaafi bulchiinsa magaalatti biroon agamanitti eebbifamuun tajaajilaaf banaa ta’uunsaa ni yaadatama.

Daarektarii wiirtichaa Doktor Hirphasaa Caalaa gaafdeebii Wiixata darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, kaayyoon hundeeffamasaa ijoo dubartoota Finfinnee sababoota gara garaatiin rakkooolee hawaasummaaf saaxilaman, hojii himmalle keessa seenan, daandiirra jiraataniifi kadhatan ogummaawwan gara garaatiin leenjisee eebbisiisuun hojii qabsiisuun galii mataasaanii uummatanii of danda’anii akka jiraatan taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Wiirtichi torban darbe dubartoota marsaa duraatiif ogummaawwan gara garaa 18n ji’oota shaniif leenjisa ture 500 keessaa leenjitoota 302 bakka Kantiibaana Magaalaa Finfinnee Aadne Adaanach Abeebce hoggantoonni biroon argamanitti eebbisiiseera. Dubartootni kaan sababa dhibee sammuu, rakkoo fayyaa, da’umsaafi umuriiitiin leenjicha addaan kutuuf kan dirqaman ta’uus eeraniiru.

Dubartootni torban darbe wiirticharraa eebbifamanii ba’an hundi jiru gadadoo kaleessaatti akka hindeebine taasisuuf hojii akka argataniif haalli mijateera. Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee dhaabbilee mootummaa, mitmootummaafi abbootii qabeenyaa waliin ta’uun sheedii kennuurraa kaasee dubartoota eebbifamanii ba’an hunda hojiitti galchuuf deeggarsa guddaa taasisaa jiraachuus eeraniiru.

Wiirtuun kun dubartoota hanqina galii guddaa qaban leenjisee gara hojiitti galchuudhaan of danda’anii akka jiraatan gochuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Hojii kun karoora mootummaan eeggattummaa, gargaaramtummaafi kadhaa keessaa ba’uuf taasisaa jiru milkeessuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta’uus eeraniiru.

Akka biyyaattis ta’e magaalatti lakkoofsi dubartootaa guddaa waan ta’eef rakkoo hawaas-dinagdee dubartootaa furuun gama biraan rakkoo hawaasaa bal’inaan waan furuuf qaamolee hundi qabeenya, humnaafi beekumsaan isaan deeggaruu akka qaban gaafataniiru.

Dubartoonni leenji’anii ba’an kunneen ogummaawwan gara fuulduraatti ittiin hojjetanii of jijjiiranis horatanii ba’aniiru. Kun dubartootaaf haalli mijannaan hojii kamuu hojjechuu akka danda’an kan agarsiisu ta’uus himaniiru.

Dubartoota wiirtichatti leenji’anii qormaata mirkaneessa gahumsa ogummaa akka Magaalaa Finfinneetti qophaa’u fudhatan keessaa %94 darbaniiru. Kun dubartoonni wiirtichatti leenji’an dorgomaa cimaa ta’uu isaanii kan agarsiisu ta’uufi gara hojiitti wayita seenanis waan guddaa hojjechuu akka danda’an kan akeeku ta’uu dubbatu.

Kantiibaana Magaalaa Finfinnee Aadne Adaanach Abeebce sirna eebbichaarratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, leenjii fudhachaa turtan qabatamaan hojii agarsiifaniiru. Bu’aalee hojii keessanis qabatamaan argineerra. Ogummaa horattaniin boru hojii caalu akka hojjetan abdi guddaan qaba.



Shamarree Ayyaantuu Guutamaa

Leenjii kana argachuu keessaniin mul’ata kaleessa keessa keessan dhokatee ture baasuuf carraa argataniiru. Kaleessa haalli isiniif mijachuu didee balballi isiniifi cufamnaani malee ga’umsa kan qabdan ta’uu leenjii yeroo gabaabaa isiniif kennameen mirkaneessitaniiru.

Leenjitanii sadarkaa kanarra ga’uun keessan obboleettii keenya hedduudhaaf fakkeenya gaarii ta’a. Kan jijjiirama keessan arge daandii keessanirra bu’uu barbaada. Isin obbolaa keenya “Ani nama waa’ee hinbaafneedha, hojjechuu hindanda’u, carraan koo cufameera jedhanii warraa abdi kutaniif abdi taataniiru” Ji’a afur dura isin akka har’aa kana hinturre.

Kana yeroon jedhu akka isin rakkina keessan kaleessaa yaadattanii gadditaniif utuu hintaane yeroo gabaabaa keessatti jijjiiramuun akka danda’amu akka hubattan isin yaadachiisuu barbaadeeni. Fedhiin hojii isin keessa waan jiruuf malee leenjii ji’a afurii akkasitti isin jijjiiruu hindanda’u ture jedhu.

Kaayyoon imala badhaadhinaa keenyaa namoonni akka jijjiiraman, abdi akka horataniifi fayyadaman taasisuudha. Namoonni yeroo jijjiiraman bor abdiidhaan eeggatu; harkasaaniis hojiif diriirsuun qaama jijjiiramichaa ta’u. Safartuun imala badhaadhinaa keenyaa bu’uuraalee misoomaa diriirsuu qofaan utuu hintaane jiruufi jireenya namoota jijjiiruudhaani jedhan.

Sababa rakkoo hawaasummaafi dinagdeetiin namoonni gara Finfinnee dhufanii baay’een namoota isaan simatu waan hinqabneef rakkoo gara garaa caaluuf kan saaxilaman baay’eedha. Jiraattota magaalatti ta’anis rakkoo hawaas-dinagdee hamaaf kan saaxilaman hedduudha.

Sagantaa nyaataatiin lammiilee hedduu bira gahaa jirra. Jiruufi jireenyasaniin bu’uraa furuufis yaalii cimaa taasisaa jirra. Hojii kun baay’ee cimaa ta’us hojjechuu akka dandeenyu argineerra. Qaamoleen gara garaas deeggarsa barbaachisu nuu taasisaa waan jiraniif hojii keenya itti fufneerra jedhan.

Leenjitoonni marsaa duraatiif eebbifaman hundi kanneen duubaan dhufaniif fakkeenya gaarii akka ta’anii carraa hojii argataniiru. Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee bakka isaan itti hojjetan mijeesseeraaf. Qaamolee biroon ammoo meeshaalee isaan barbaachisan guutaniiruufi; qarshii isaan hojii ittiin jalqabanis kennaniiruufi. Qaamoleen gara garaa hanga eebbifamtoonni kunneen hojiitti galanii ofdanda’anii jiraachuu jalqabanitti deeggarsa nyaataa, mana kiraafi geejjibaa kan taasisaniif ta’uus eeraniiru.

Eebbifamtoonni kunneen erga hojiitti seenanii boodas hordoffiifi to’annoon barbaachisu ni



Shamarree Tikkuu Yaadasaa

Dubartoonni leenji’anii ba’an kunneen ogummaawwan gara fuulduraatti ittiin hojjetanii of jijjiiranis horatanii ba’aniiru

taasifamaafi. Walitti hidhamiinsi gabaabaa akka uumamuufis ni taasifama. Eebbifamtoonni kunneen hojjetanii of jijjiiranii muuxannoosaniin dubartoota biroo akka qoodanis ni taasifama jedhu.

Eebbifamtoonni bu’aa ba’ii hojiirratti isaan mudatu cimani hojjetanii keessa darbuudhaan bor of jijjiiranii, naannawaafi biyyasaniin jijjiiranii akka argamaniif ergaa dabarsaniiru. Cimtanii yoo hojjetan jireenya kaleessa dabarsitan deebitanii hinyaadattan. Waan danda’ame hundaan isaan deeggaruufis qophii ta’uu himaniiru.

Wiirtuu Haaromsaafi Gabbisa Ogummaa Dubartootaa ‘Yanagawaa’ irraa torban darbe kan eebbifante Shamarree Ayyaantuu Guutamaa akka jettutti, kanaan dura karaa seeraan alaa biyya Arabaa deemtee ji’a ja’a booda qabamtee gara biyyaatti deebite. Gara biyyaatti erga deebitee booda ammoo hojii humnaa hojjechaa utuu jirtuu carraa gara wiirtuu leenjii kana seenuu argattee ogummaa ‘Reception and Service’n eebbifamuu dubbatti.

Guyyaa wiirticha seennerraa kaasee kunuunsiifi deeggarsi barbaachisu nuuf taasifamaa tureera kan jettu shamarreen kun, “Waanti nuti nyaannu, uffannuufi bakki nuti bullu haala addaatiin nuuf guutameera. Yoo dhibamnes kilinika itti yaalamnu mooraadhuma keessaa qabna. Saaykaatiristii dhuunfaa keenyaas ni qabna. Qulqullinni mooraa leenjichaas yunivarsiitoota kamiiniyyuu oliidha. Turtiin yeroo leenjii baay’ee gaarii ture” jetti.



Shamarree Muluu Bulloo

Leenjiiin booda amala, qaama, uffannaafi xiinsammuu keenyaratti jijjiiramni guddaan dhufeera. Ogummaa gara fuulduraatti ittiin hojjennee jiraannus horanneerra. Wiirtuun kun dubartootaaf haalli mijateefii jennaan waan hundumaa hojjechuu akka danda’an qabatamaan mirkaneessaa jiraachuu certi.

Nuti eebbifamtoonni hundi kutaa magaalaa Finfinnee gara garaa keessatti ramadamneerra kan jettu Shamarree Ayyaantuun, torban tokko booda hundi keenya gara hojiitti ni seenna. Bakki itti hojjennuufi jiraannus nuu mijachaa jira. Ogummaa horadheen hojjeedhee ofjijjiiruuf qophiidha jetti.

Hojiinis jireenyis biyya ofiitti bareeda kan jettu shamarreen tun, karaa seeraan alaa ta’us biyya Arabaa deemtee argeera. Kan akka biyya ofii hinjiru. Hojjennee ofii keenya, maatiifi biyya keenya jijjiiruuf hojiitti amanuufi cimnee hojjechuu qabna jetti.

Shamarree Muluu Bulloo Magaalaa Ambooti dhalatee kan guddatte ta’uufi haalli jireenyaa waan itti ulfaateef barumsa ishee addaan kuttee gara Finfinnee dhuftee hojii humnaa hojjechaa turte. Carraa argattee gara wiirtuu leenjii kana seenuutti guddaa gammadeera jechuun dubbatti.

Ogummaa nyaata qopheessuutiin kan leenjite shamarreen tun, ogummaan horatteen yeroo ammaa nyaatawwan biyya keessaafi biyya alaa akkasumas daaboofi keekii sirriitti qopheessuu kan dandeessu ta’uufi carraa kaasteen bakki hojii Finfinnee naannawaa Magganaanyaa kan ishee gahe ta’uu dubbatti.

Shamarran baay’een sababa rakkoo hawaasummaafi dinagdeetiin maatii dhiisanii gara Finfinnee dhufanii rakkooolee araada adda addaaf kan saaxilamaa jiran hedduudha. Kanaafuu shamarran keessumaa firootaafi nama isaan simatu hinqabne maatii bira utuu ba’uu baatanii gaariidha jedheen gorsa jetti.

Shamarree Tikkuu Yaadasaa Magaalaa Walisootti dhalatee Magaalaa Asallaatti guddatte. Erga Finfinnee dhuftee waggoota afuriif hojii humnaa hojjechaa turte. Carraa wiirtuu leenjii kana galuu argattee ogummaa huccuu hodhuufi uffannaa aadaa xibraatiin eebbifamte.

“Ogummaan kun fedhii koo guddaa waan tureef haala gaariin leenji’ee hojjechuu danda’eera. Ogummaa horadheen hojjeedhee of jiraachisuuf qophii ta’uufi yeroo ammaa eebbifamtoota nama saddeet waliin gurmaa’uun carraa hojii kaasaniin bakki hojii Finfinnee, naannawaa Markaatoon na gahe” jetti.

Abbaa Sa'aa

“Faanni hojii barbaacha mudhuke har'a ititee, guyyaatti mismaara kiiloo giraama 500 (kaartoonii 100) omishaa jira”

- Ebbifamtoota hojii uummatan

Waasihun Takileetiin

Itoophiyaa biyya lakkoofsi ummatashii miliyoona 120 ol ta'aa jiru keessatti hudhaan dhaloota sakaalaa jiru inni guddaan rakkoo hojiddhabdummaan walqabatuudha.

Hudhaa kana keessaa bahuuf aadaan hoji keenyaa jijjiiramuu akka qabu ebbifamtoonnis hojii barbaaduu keessaa bahanii hojii uummachuu akka aadeffataniif ijaarsi dandeettiifi hojiin hubannoo uumuu yeroorraa yerootti kennamaa tureera; ammas ittuma jira.

Maatiin ebbifamtootaas ilmaansaani guyyaa ebbifamanii kaasanii mindaa mootummaa akka nyaataniif malee hojii uummatanii miira ofitti amanamummaatiin akka socho'aniif ilmaansaani hinkakaasan.

Rakkoo kana cabsuuf hojii hubannaa uumuu taasifamaa jiru cinatti ebbifamtoonnis ta'an warreen kaan hojii ogummaarratti xiyyeeffatani akka dinagdeedhaan of jabeessaniif mootummaan jijjiiramaa deeggarsa barbaachisu taasisa jira.

Keessumaa jijjiirama dura saamichaafi hanna dhaabbilee mootummaa gara garaa keessatti qaqqabaa turerra kan ka'e dargaggoota dhaabbilee barnoota olaanaarraa bahan hojiitti galchuuf xiyyeeffannoon ture gadaanaadha.

Kanarraa kan ka'e dargaggeessi wabii egeree biyyaa ta'u lafa seenu dhabeera araada hinmalleef saaxilamuun biyyaaf abdi ta'uu keessaa bahee akka diinaatti ilaalamaa tureera.

Bu'uuruma kanaan warraaqsa walirraa hincinne taasifameen sirmi hattuufi saantum aangoorraa kaafamuun booda mootummaan jijjiiramaa faayidaa ebbifamtoota giddugeeffatee socho'u waan ijaarameef ebbifamtoonni abdi kutannaa keessaa bahuun ofirra darbanii biyyasaaniif wabii akka ta'aniif hojii barbaacha dhiisanii uummachuun akka of geeddaraniif tattaaffii taasifamaa tureen fayyadamaa kan jiran tokko lama miti.

Tibbana wayita dhimma hojiitiif gara magaalaa Adaamaa deemnetti ebbifamtoota hojii uummatan tokko tokko kan dubbisne yoo ta'u, waggoota sadii oliif jireenyi itti dukkanaa'ee duuba kana deeggarsa mootummaafi abbootiin qabeenyaa taasisaniifiin ebbifamtoonni gurmaa'an maashinii mismaara galfachuun guyyaatti mismaara kiiloo giraama 500 ykn kaartoonii dhibba tokko omishuun hirkattummaa seenaa gochuun dinagdeen of humneessaa gabaas tasgabbeessaa jiru.

Nus turtii isaan waliin dabarsineen ebbifamnee waggoota sadiif yeroo keenya qisaasessaa turre, faanni keenya hojii barbaacha mudhukeera. Amma garuu deeggarsa mootummaan jijjiiramaa nuu taasiseen maashinii mismaara omishu galfannee maqaa waldaa Omishtoota Mismaaraa Waliif jedhu moggaafachuun mul'anni jijjiiramaa nukeessatti biqilaa jira jedhu ebbifamtoonni kunniin.

Dargaggoo Nuuraa Jamaal Hojigaggeessaa Waldaa Omishtoota Mismaaraa Waliif yoo ta'u, dhaabbata barnoota olaanaarraa



Suurri Gabaaboo Gabreetiin

Injinariingii Makaanikaalaan ebbifamee waggoota lamaa oliif hojii barbaacha faannisaa mudhukuu kaasa.

Kaayyoonsaa erga ebbifamee booda waajjira mootummaatti mindeeffamee jiruufi jireenyasaa gaggeessuu yoo ta'u, haalli jiru akkaataa inni yaadeen mijataa ta'ee argamuu waan dideef akka dhabe rakkina keessa turuu hima.

Akka ibsasaatti yaanni hojii uummachuu jedhu takkaa keessasaa kan hinturre yoo ta'u, jireenya hiriyyootasaa gurmaahanii hojii uummatanii ofirra garagalee ilaaluun mul'ata hojii barbaaduu keessasaa jiru gara hojii uummachuutti akka jijjiiratuuf jireenyi isa dirqisiisa.

Bu'uuruma kanaan fakkaattotasaa dhaabbilee barnoota olaanaarraa Makaanikaal Injiinariingii ebbifaman waliin mari'achuun Magaalaa Adaamaatti gurmaa'anii imala of ta'anii hojii uummachuu eegaluu dubbata.

Fedhiifi barnoota ebbifamtoota kanneenii kan adda baase Kantiibaan Magaalaa Adaamaa isaan jijjiiruuf deeggarsa mootummaan taasisu cinatti abbootiin qabeenyaas hirmaannaa akka taasisan waan waamicha taasiseef mul'annisaanii akka lafa qabatu taasiseera.

Ebbifamtoota 12 ta'anii gurmaa'an kanneenif abbaan qabeenyaa Warshaa Qorqorroo Adaamaa maashinii mismaara omishu yoo dhiyeessu, bulchiinsi magaalammoo bakka hojiifi mana hojii maashinichi itti hojii eegalu mijeessuufi danda'aniiru.

Yeroo ammaatti Dargaggoo Nuuraan hiriyyootasaa waliin omisha mismaaraa kana saffisiisaa kan jiran yoo ta'u, boqonnaa sammuu guddaa argachuu kaasa.

Faanni kaleessa hojii barbaacha waggoota lamaa oliif jooraan mudhukee ture qalbiifi yaanni isa jalaa badee ture deeggarsa mootummaan jijjiiramaafi abbaan qabeenyaa isaafi hiriyyootasaaf taasiseen miillisaa lafa qabatee ititee galii dhebochaa ture dhandhamuu eegaleera.

Akka ibsasaatti maashiniin mismaaraa kun guyyaatti mismaara kiiloo giraama 500 ykn kaartoonii dhibba tokko kan omishu yoo ta'u, innis abbaa lakkoofsa shanii hanga

kudha lamaati.

Maashiniin kun Itoophiyaatti bal'inaan kan hinbaratame ta'uus ibsee, carraa argate kanatti fayyadamee ofis ta'e biyyasaa gargaaruun takkaan gabaa biyya keessaa tasgabbeessuuf bal'inaan omishuun sharafa alaa argamsiisuuf fedhiifi kaka'umsa guddaan hojjetaa jira.

Waldaansaani erga hundaa'ee ji'a sadii ol lakkoofsisuus kan eere hojigaggeessichi, maashinichi humna guutuun hojiitti gallaan fedhii dhiyeessii mismaaraa baay'ee olka'aa ta'e milkeessuun akka danda'amullee ibseera.

Omishni mismaaraa kun lakkoofsota hundaan bal'inaan akka irratti hojjetamuuf xiyyeeffannoon kennameefi hojiitti kan seename yoo ta'u, hanga gabaa wajjin walbaranitti muraasa omishaa dinagdeessaanii bayyanachiisaa gabaas tasgabbeessuuf hojiitti seenaniiru.

Hojidhabdummaan yeroosaanii waggaa sadii hincaalleefi isaan jalaa nyaataa ture amma hojiirra oolee irraa nyaatamaa jira jedhee; miirri kutannaa jiraannaan eeggattummaan seenaa akka ta'u hubachiiseera.

Ebbifamtoonni har'allee hojii barbaacha mudhukaa jiran dhaabatanii of ilaalu akka qaban kan hime Dargaggoo Nuuraan, hojii barbaaduu qorqalbi, humna, dandeettii, hamileefi abdi waan dadhabsuuf miira kutannaa hojii uummachuutti seenuun of jijjiirani osoo yeroon isaanirratti hinhojjetii yeroosaaniitti hojjechuun of jijjiiruu akka qaban gorsa.

Sochii kutannaa hojii uummachuuf ebbifamtoonni qaban cinatti deeggarsi mootummaa jijjiiramaati mul'achaa jiru kan nama jajjabeessu ta'uullee himee, ebbifamtoonni carraa kanatti fayyadamuun eeggattummaa seenaa gochuu akka qaban dubbata.

Dargaggoo Galaanaa Gadaas akkuma hiriyyaasaa kana dhaabbata barnoota olaanaa mootummaarraa Makaanikaal Injiinariingii ebbifamee waggoota sadiif hojii barbaacha jooraa yeroosaa qisaasessaa turuu yaadachiisa.

Haata'u garuu hojii hubannoo uumuu IMXn isaaniif kennameen miira hojii barbaaduu keessaa bahee hojii uummachuutti akka

fuulleffatu isa taasiseera. Innis hiriyyootasaa waliin gurmaa'ee omisha mismaaraa kanatti bobba'uun galii achirraa argatuun mogolee kaleessaafi dheengadda hojii barbaacha jooraan qal'atee ture itichee lafa dhaabuu eegaluu hima.

Maashinii mismaara omishu kanaan galii jireenyisaa itti bayyanatu cimanan irratti hojjetamnaanimmoo biyyaafillee bu'aa kan buusu waan ta'eef hojii gaariidha jedha. Maashinii kun humna guutuun hojiitti galee walitti hidhamiinsi gabaallee yoo mijateeffitti namoota birooffillee carraa hojii uumuu kan danda'uudha.

Rakkoon walitti hidhamiinsa gabaa hudhaa waldichaa ta'e akka furamuufis mootumman xiyyeeffannoo kennuu akka qabu eeree; kanaan dura gabaa wajjin waan walhinbarreef harkifannaan akka jirudha kan kaase. Haata'u garuu takkaa baramnaan kan itti abdatamu ta'uu kaasuun carrichi ijasaanii akka bane dubbata.

Ebbifamanii hojii barbaaduu hammam akka ulfaatu isa argeefi maatii ebbifamtootaaf dhiisuun ga'aadha. Wiirtuulee beeksisni itti maxxanfamurra jooruun mogoleetu nama salphata.

Hamileetu nama caba, jiraachuutu nama jibbisiisa. Kanaafuu deeggarsa mootummaan jijjiiramaa hojiddhabeeyyiif keessumaa carraa hojii akka uummataniif taasisa jiru kun kan jajjabeeffamuu qabuudha jedha.

Fedhiin waajjira mootummaa keessa galanii hojjechuu namoota baay'ee deega keessatti hambiseera kan jedhe dargaggoo kun, mindeeffamanii hojjechuurra dinagdee dhalootaa kan cimsu hojii uummachuu qofa jedha.

Of ta'anii hojjechuun galii addaa akka argatan nama taasisa. Kanamalees dinagdeen akka of ijaaraniif haala kan mijeessu waan ta'eef miira hojii barbaaduu keessaa bahuun hojii uummachuun aadeeffatamuu qaba.

Walumaagalatti aadaan hojii uummachuu gabbachuun miirriofitti amanummaa akka gabbatu, dinagdeen ofii akka humnaa'u ofirra darbanii warreen biroof abdi akka ta'an kan taasisu waan ta'eef isa barataniin qofa osoo hintaane deeggarsa mootummaa jijjiiramaafi muuxannoo horatanitti fayyadamanii hojii uummachuun ofiif biyyaafis bu'aa kan buusu waan ta'eef haa aadeeffatamu.

Ilaamee...

Seektara hir'uudhaan magaalaa gaggeessuun hamma yoomiitti?

Charinnat Hundeessaatiin

Finfinneerraa fageenya kiiloo meetira 141 irratti, Godina Shawaa Bahaatti kan argamtu Maqiiin magaalaa qabeenyawwan akka kuduraafi mudaraatiin daran badhaateedha. Kanumaafi, fakkaataa maashinaroonni adda addaa hojiiilee qonnaatiif oolan kanitti baay'ataniifi magaalattii keessa garmaamaa oolaniif.

Shunkurtiin, burtukaanniifi kkfn naannawa magaalatti omishaman gabaa Finfinneefi magaalota kaanii quufsuun beekamu. Nutis yeroo dhimmuma hojii tibatana gara Maqii deemnetti adeemsisaa hojii magaalattii Obbo Hayiluu Duulaa wajjin turtii gabaabaa kan taasisne yoo ta'u, innis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Maqaalaa Maqiiiti maaltu bal'inaan omishama ykn hojjetama?

Obbo Hayiluu: Maqiiiti qonni magaalaa bal'inaan hojjetama. Qonna magaalattiin walqabatee inisheetivii mootummaan qabateefi manduubeerratti bal'inaan hojjetaa jirra. Gama inisheetivii mootummaan qabateen horsiisa lukkuu, loon aannaniifi kaan, akkasumas industirii godoorratti bal'inaan hojjetaa jirra.

Hojiin qonna magaalaa kilaastaraan hojjetamu kun haala gaariidhaan raawwatamaa jira. Qonni manduubees akka magaalatti hojjechaa jirruullee abdachiisaadha. Qulqullinaafi magariisummaa magaalarrattis bal'inaan hojjetaa jirra.

Bariisaa: Gama qulqullinaafi magariisummaatiin hoo maaltu hojjetamaa jira?

Obbo Hayiluu: Hojii qulqullinaarratti bifa duulaafi idileetiini kan hojjenne. Hojii kanarratti hawaasni bal'inaan hirmaataa jira. Hojichi torbee torbeedhaan sadarkaa qaxanaatti; torbee lama lamaan gandatti akkasumas ji'atti al tokko akka magaalatti idileeffamee hojjetamaa jira.

Kanarrattis waldaalee sadiis gurmeessinee hojjetaa jiru. Waldaalee kanneen cimsuufis jaarriyaalee adda addaa faana walitti hidhamiinsa uumnee konkolaataan keenya akkuma jirutti ta'ee akka balfa nuu kaasanii gara iddoo yeroof ittigatamuutti akka geessan taasisaa jirra. Baajaajota xixiqqoo balfa kaasanillee deeggarsaan argannee irratti hojjetaa jirra. Kanneen fa'iin qulqullinni magaalattii akka eegamu gochaa jirra.

Gama magariisummaatiinis iddoo buufata biqiltuu bal'aa qabna. Bakka kanatti biqittuu nyaataaf, miidhagina magaalaa gaaddisa fa'iif oolan qopheessuuf karoofanne haala guutummaatti jedhamuun milkeeffanneera.

Akka magaalatti xiyyeeffannaan kan kennamu biqiltoota nyaataaf oolaniifi. Kanas dhibbantaa dhibbaa ol milkeeffanneera. Kanneen miidhagina magaalatiif oolanis sadarkaa 2ffaa qabatu. Kan gaaddisaa ammoo akkuma barbaachisummaasatti karoofannee karaa bal'inaafi cimina qabuun hojjechaa jirra.

Bariisaa: Maqiiin gama bu'uraalee misoomaatiin sadarkaa akkamiirra jirti?

Obbo Hayiluu: Gama bu'uraalee misoomaatiin akka magaalaa keenyaatti bajanni idileefi mana qopheessaa jira. Akka mana qopheessaatti qarshii miliyoona 50 oliin bu'uraalee misoomaa diriirsaa



jirra. Kanneen keessaa ijoofi akka rakkoo bulchiinsa gaariitti yeroo dheeraaf ka'aa kan ture galmi walga'ii guddaa tokko barana ijaarameera. Galmi ijaaramaa jiru kun al tokkotti namoota 600 ol qabachuu danda'a. Galmi sadarkaasaa eeggate kun qarshii miliyoona 21 oliin ijaarame.

Dhagaa bocamaas lootiiwwan adda addaatiin hojjetaa jirra. Akkaataa gaaffii hawaasa keenyaatiin gara lootii sadii dhagaa bocamaan hojjenneera. Kan biraa ibsaadhaaf tiraanisformarii harka dhibbaan xumurreera. Paarki siitii tokkos ijaarree hojiitti galchineera. Ibsaanis diriirfameeraaf. Walumaagalatti hojiilee akka mana qopheessaatti pirojektota torba qabanne. Torbaniyyuu yeruma qabameeffiti xumurreera.

Bariisaa: Gama bulchiinsa manneeniitiin maaltu hojjetame?

Obbo Hayiluu: Bulchiinsa manneeniitiinis walqabatee hojii bal'aatu hojjetamaa jira. Manneen gandaa misooma industiriif oolchuurrattis xiyyeeffannaan hojjetameera. Manneen 16 caalan misooma investimantiitiif akka oolanif qaama dhimmi ilaallatu wajjin irratti hojjetaa jirra. Hojiinsaa jalqabameera jechuudha.

Bariisaa: Maqiiiti kenni tajajilaa maal fakaata?

Obbo Hayiluu: Kenna tajaajilaa fooyyessuufis tokkoffaa hojjetaan hundi akka hubannoo argatu taasisneera. Kaameeraa guddaa magaalaa Maqii walakkaan ol haguuguufi kenniinsa tajaajilaa seektarootatti kennamaa jiru to'achuuf gargaaru akka pirojektii 8ffaatti qabannee irratti hojjetaa jira. Kaameerichis ammaan tana tajaajilarra ooleera.

Erga magaalaa keenya riiformii keessa galtee as saffisni hojiifi misoomni dabalaa jira. Kenni tajaajilaa sadarkaalee gandaarraa kaasee fooyya'aa jira. Ammas kan hawaasni magaalaa keenyaa nurraa barbaadu tokkoffaa kenni tajaajilaa saffisaafi haqaqabeessa.

Kanaaf tajaajila caalaatti saffisaafi fooyya'aa ta'e kennuuf xiyyeeffannaan hojjenna. Akka barbaadnutti tajaajila saffisaa kennuurratti kan danqaa nutti ta'e tokkoofi ijoon seektaroota guutuu dhabuu keenya. Maqiiin seektaroota guutuu hinqabdu. Tajaajila abbaa dhimmaa ittiquufu kennuuf akka mootummaatti caaseffamni guutamuu qaba.

Fakkeenyaaf Magaalaa Maqii seektaroota afyaa'ii, dhimma dubartootaafi daa'immanii, hawaasummaa, eegumsa naannoo, komineeshiniifi kkf waan hinqabneef nuu banamuu qabu. Hawaasaaf tajaajila guutuu kennuuf seektaroonni kunniin guutamuu qabu.

Magaalaan keenya sagantaa misooma magaalatiif kaadhimamteetti. Sagantaa kana keessa galtee hojjechuuf seektaroota eeraman dabalatee kuunis guutamuu qabu. Waa'een guutamuu dhabuu caasaaleefi seektarootaa kun dhimma qaama dhimmi ilaallatuun xiyyeeffannaan argatee furamuu qabuudha.

Dhiphinni caasaas dhimma seektaroota keenya qoraa jiruudha. Seektarri banameet tajaajila eegalle malee warrumti jiraniyyuu humna namaa guutuu hinqaban. Kunis abbaan dhimmaa tajaajila saffisaa akka hinarganneef danqaa ta'aa jira. Caasaan dhiphaadha, humni namaa jirus daran xiqqaadha, tajaajilli nurraa bardaadamu garuu bal'aafi guddaadha. Akkuman irranatti jedhe dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha.

Bariisaa: Waanti hawaasni hubachuu qaba jettani kaastan yoo jiraate?

Obbo Hayiluu: Waanti hawaasni nuu hubachuu qaba jedhee kaasu tajaajila kenninu keessatti galteensaa murteessaa waan ta'ef tajaajila kennaafi jirru amanee fudhachuu qaba. Hawaasni dirqamasallee bahataa mirgasaallee nugaafachuu qaba yaada jedhun qaba.

Kan biraa dhimmi bulchiinsa bu'uraalee misoomaatiin walqabatees hojiilee mootummaan nuu hojjetee ofii hojjenne ofuma keenyaa bulfachuufi kunuunfichuu qabna kan jedhu hawaasa biratti qabatamuu qaba.

Dhimma qulqullinaatiin walqabatees hojiilee baay'een hojjetamaa jiru. Kanarrattis hawaasni dhimmi qulqullinaa na ilaallata, dhimma fayyaa naannawa kootiiti jedhee xiyyeeffannaan irratti hirmaachuufi hojjechuu qaba.

Bariisaa: Magaalaa Maqiiiti hojiin gama carraa hojii uumuutiin hojjetame maal fakaata?

Obbo Hayiluu: Carraa hojii uumuun kan danda'amu karaawwan hedduuni. Bu'uraalee misoomaatiin walqabatee magaalaa keenyatti gamoo waajjira kantiibaa dabalatee pirojektota saddeetitu hojjetamaa ture, jiras.

Buufataalee biqiltuu keessattis carraan baname jira. Kana malees sochiilee hojii adda addaa magaalaa keenyatti uumamanirratti walumatti namoota kuma sadii oliif carraan hojii dhaabbiifi yeroo uumameen keessumaa dargaggoonni keenya fayyadamoo ta'aniiru.

Bariisaa: Magaalaa Maqii haala mijataa umamni ishee badhaasetti hammam fayyadamaa jirti?

Obbo Hayiluu: Waantota magaalaa Maqii adda taasisan keessaa omishni kuduraafi muduraa naannawa kanatti bal'inaan omishamuusaati. Kun sirriitti hojjetamaa jira. Magaalattiin omisha kanarraa sirnaan fayyadamteetti jechuu hindandeenyu. Asitti omishamee gara biraa geeffama. Ta'us waanti ammaan tana fayyadamaa jirtu tokko, carraa hojiitiif daran nu gargaareera.

Dhimma kana gara agroo industiriitti ceessisuuf sona ittidadaluurratti nu hafa. Isas amma dameen Paarkii Industirii Bulbulaa nu biratti banameera. Damichi hojii hineegalle. Gaafa inni hojii eegalle kuduraafi muduraa kana asitti sona ittidadallee gabaaf dhiyeessuuf hojjetaa jirra.

Hangasumattuu faayidaan kuduraafi muduraa naannawa kanatti omishamurraa argamu laayyoo miti. Daandiin Qilleensaa

Itoophiyaa kuduraafi muduraa akka shunkurtii, timaatimii, paappaayyee, raafuu maraafaa asii fudhata. Kana malees asii gara Jibuutiifi Sudaanittis ni fe'ama. Yuniyeenii kuduraafi muduraa niqabna. Innis saamsee erguu fa'irratti hojjetaa jira. Walumaagalatti bal'inaan ta'uu baatus jalqabbiin gama kanaan jiru gaariidha.

Bariisaa: Gama hojmaata dijitaallessuutiin maaltu hojjetamaa jira? Bakka hojii mijataa gochuuf hoo waanti yaadame jirra?

Obbo Hayiluu: Dokumantoota jiran dijitaallessuuf keessumaa waajjira lafaa wajjin kaadaastarratti hojjetaa jirra. Lafii keenya kaadaastarratti galaa jira. Hojii kana bajata guddaa qabuufin hojjetaa jirra. Waldaaleen daataa funaananii dhimma kanarratti hojjetan jiru.

Galiis bifa dijitaalatiin funaanaa jirra. Kaashiin tokkollee nu biratti funaanamu hinjiru. Telee birriidhaan hojjetamaa jira. Boba'aanis akkasuma. Tajaajilli kanaas telee birriidhaan kennamaa jira. Hojiilee kanneenirraa bu'aa gaarii argachaa jirra.

Bakka hojii mijataa gochuufis waanti jalqabame jira. Magaalaa keenya erga riiformii keessa galtee waggaa 2ffarra jirti. Bardheengaddaa seektaroota shaniif wajjirri ijaarameera. Kan poolisiirraa kan hafe seektaroonni hundi bakkuma tokkotti waldhiphifamee ta'amaa ture.

Asii baafnee mana kiraatti galchaa turre. Waajjiraalee kaaniifis ijaaruuf karoofanneera. Bakkuma jiruttis teessoowwan dabalamanii bakki hojii akka mijatuuf tattaafataa jirra. Bakkumti abbaan dhimmaa sirnaan ittikeessummeeffamullee rakkisaadha. Kanaaf waan jalqabne cimsinee ittifufuun waljalaa furaa deemna.

Bariisaa: Pirojekonni akka misooma koriidariifi Itoophiyaa qulqulluufaa Maqiiiti haala kamiin hojiirra oolaa jiru?

Obbo Hayiluu: Gama kanaan muuxannoon nuti Finfinneefi Adaamaa fa'irraa fudhannee hojjetaa jirru jira. Adaamaan hojii ismaarti siitiirratti hojjetteen akkuma biyyaattuu badhaafamtuudha. Shaggar, Finfinneef Dirree Dhawaanis badhaafamtoota addaati. Walaayittaa Sooddo foramii magaalota Itoophiyaa baranaa qopheessites akkasuma.

Muuxannoo kaameeraa 'CCTV' magaalaa guddoo godina keenyaa kan taate Adaamaarraa fudhanne. Warruma Adaamaaf hojjetetu nuufis erge. Waa'ee kaadaastaraafi ijaarsa seeraan alaarrattis magaalattiirraa muuxannoo gaarii fudhanneera.

Qindoominaanis hojjetaa jirra. Akkuma Oromiyaattuu magaalota walitti dhiyeenyaan jiran wajjini hojiin misoomaa qindoominaan hojjetamaa kan jiru. Nutis magaalota Baatuu, Adaamaafi kaan godinuma keenyatti argaman biroo wajjin walittihidhamiinsa cimaa uummachuun hojjetaa jirra.

Bariisaa: Dhaamsa yoo qabaattan?

Obbo Hayiluu: Ergaan akka gaariitti akka nuu darbu barbaadnu kan mootummaarraa barbaadnuudha. Innis dhimma dhiphina seektarootaati. Haa xiqqaatuu haa guddatuu kutaadhuma dhiphaa kana keessatti abbootii dhimmaa keessummeessaa jirra. Ta'us seektaroota guutuudhaan abbaa dhimmaa keessummeessaa hinjirru. Kanaaf mootummaan xiyyeeffannaan itti nuu kennee dhiphinumasaa wajjin otoo seektaroota hinqabnes nuu saaqee gaariidha.

AADAIFI AARTII

Sirna Gadaa ijaarsa biyyaatiif

Charinnat Hundeessaatiin

Yaa'iin Abbootii Gadaa marsaa 3ffaan tibbana mataduree, "Sirna Gadaa ijaarsa biyyaatiif" jedhuun qindeessummaa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Hagayya 14fi 15 bara 2016 Adaamaa, Galma Abbaa Gadaatti adeemsifameera.

Hoggantuun Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Aadde Jamiilaa Simbiruu haasaa yaa'icharratti taasisaniin akka jedhanatti, Oromoon saba aadaa, safuufi duudhaa gaarii qabu ta'uu kaasuun aadaafi duudhaa miidhagaan eegamee, kunuunfamee akka dhaloonni dhaalu gochuu keessatti qoodni Abbootii Gadaa Oromoo guddaadha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa jecha qofaan osoo hintaane gochaan sirna Gadaa utubun sirnoota gara garaa bocee ummanni Oromoo aadaafi duudhaasaa ganamaatti akka deebi'uuf hojii bal'aa hojjechaa jira.

Gochoota badoo Sirna Gadaa keessatti aadmalee ta'anirratti qabsaa'aa dhaloota duudhaa dansaa dhaalchisuu maddiitti gamtaa jabaa Oromoo gituufi dhalootatti darbu ijaaru keessatti qoodni Abbootii Gadaa daran olaanaadha jechuunis ibsan.

Sirna Gadaa dhaloota barsiisuu, tokkummaa Oromoo jabeessuu, nageenya naannoofi biyyaaleessaa eeguu, dhimmoota hawaasummaafi dinagdee Oromoo cimsuu keessatti ga'een Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoo guddaadha jedhan.

Kanaanis manneen murtii aadaatiin ummanni baasii mana murtee idileetti baasuufi dadhabbi hinmalleef, akka hinsaaxilamne haqasaa qe'umasaatti akka argatuufi akkaataa aadaafi duudhaasaa akka jiraatu taasisaa jira jedhan.

Gama tajaajila lammummaatiinis aadaa miidhagaa qabnuun kan daare daara akka baasuu, kan dheebote dheebuu akka baasuu, kan mana dhabetti mana ijaarree akka gaaddisa waliif taanuuf hojiin mootummaan hojjechaa jiru utubaalee sirna Gadaa kan jabeessu ta'uu kaasanii.



Gama Gaachana Sirnaatiinis ummanni tokkummaan ijaaramee nageenya naannoosaa akka eeggatuuf hojiin hojjetamaa jiru duudhaa Sirni Gadaan nagaaf qabu kan mirkaneessu ta'uu himuun, Buusaa Gonofaa hundeeessuunis ummanni kun rakkoo uumamaafi namtolchee isa mudatu ofuma isaa akka wal irraa qolatu kan taasisu Aadde Jamiilaan eeraniiru.

Kana malees Barnoonni Gadaa manneen barnootaatti akka kennamu gochuun dhaloonni akkaataa aadaafi duudhaa isaatiin akka baratu taasisuun injifannoo guddaa ta'uu kaasanii. Kanneen hundaa utubun hojiitti hiikuuf Gamtaan Abbootii Gadaa qooda irraa cegamu akka ba'atu dhaamaniiru.

Yaa'iicharratti qo'annoowwan gara garaa hayyootaan dhihaachuun irratti kan mari'atame yoo ta'u, gabaasni raawwii hojii waggaa gamtichaas dhiyaateera. Xumurratti labsii qabxiilee 11 of keessaa qabu lallabuun goalabamuu odeeffannoo Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa Bariisaaf ergerraa hubachuun danda'ameera. Lallabichis:

1. Aadaa, safuufi Afaan Oromoo lafee dugdaa Oromummaa waan ta'eef dhaloota barsiisuun dhaloota aadaa, seenaafi duudhaa ofii beekke ittiin boonu, ittiin jiraatuufi dagaagsu uumuu mootummaan hojjechaa jiru ni tumsina, waliinis ni hojjenna.

2. Heerri Gadaa Oromoo madda aadaa, duudhaa, safuufi safeeffannaa, seenaa, beekumsaafi falaasama Oromoo duriifi laallee baroota amma keessa jirruu akkasumas dhangaa egeree waan ta'eef karaa duudhaasaa eeggateen ittiin buluufi bulchuuf akkasumas sabaafi sablammoota biyya keenyaa barsiisuuf cimsinee ni hojjenna

3. Manni Murtii Aadaa falaasama Heera Gadaa Oromoo keessaa kan fudhatameefi haqa dhokate deebisuu keessatti shooraa olaanaa taphachaa waan jiruuf kana caalaa akka lafa qabatuuf gahee nurraa eeggamu ni baana.

4. Ijaarsi Gaaddisa Manneen Murtii Aadaa jalqabaman bara 2017tti guutummaa Oromiyaatti akka xumuruuf deeggarsa nurraa barbaadamu ni goona, hawaasa keenyas dammaqsuun gamtaan akka ijaaru ni taasisna.

5. Ardaaleen jilaa giddugala qubannaa Abbootii Gadaa, jiloonni ittigaggeeffaman akkasumas wiirtuulee seeronni itti tumamaniifi lallabaman waan ta'aniif akka eegaman, kunuunfamaniifi misooman gochuu keessatti gahee nurraa eegamu ni baana, wiirtuu keessa jirru keessattis ni misoomsina.

6. Aadaafi duudhaa Oromoo dhaloota barsiisuu keessatti, nageenya mirkaneessuu keessatti

gaheen haadholee Siinqee olaanaa waan ta'eef wiirtuu Gadaa hundatti hirmaannaansaani akka guddatuuf ni hojjenna

7. Hojiin eegumsa naannawaafi biqiltuu dhaabuu, kunuunsuun Heera Gadaa keessaa kan fudhatame ta'uu beekuun hojii misooma ashaaraa magariisaa akka biyyaafi naannootti hojjetamaa jiruuf beekamtii kan kenninuufi nutis karaa adda ta'een irratti hirmaachuun keessumaa mukeen biyya keessaa qorichummaaf, faayaaf, nyaataaf, jiloota gaggeessuuf oolan, akkasumas eegumsa biyyoof ta'an bal'inaan akka dhaabaman ni taasisna.

8. Hojii misoomaa rogawwan hundaan Oromiyaatti hojjetamaa jiruuf beekamtii kan kenninuufi kana caalaa dheebuu misoomaa ummanni keenya qabu akka guutamuuf akka deeggarruufi ummatni bal'aan karaa hundaan akka bira dhaabatuuf waamicha keenya ni taasisna.

9. Heerri Gadaa Oromoo hariiroo obbolummaafi waliin jiraachuu waan barsiisuuf naannoo keenyaafi biyya keenya Itoophiyaa keessatti obbolummaan dhugaarratti hundaa'ee walutubuun waliin jiraachuufi guddachuu qabatamaan hojiirra akka oolu gochuuf hojii nurraa eegamu kan hojjennuufi qaamolee biroos barsiisuuf waadaa ni seenna.

10. Heerri Gadaa Oromoo nagaan hangafa waan hundaati waan jedhuuf naannoo keenyaafi biyya keenya keessatti nageenyi akka jiraatu, walwaraansi akka dhaabatuuf sadarkaalee hundatti cimsinee ni hojjenna, qaamoleen hidhatanii laga jiranis gara nagaatti akka dhufaniif waamicha ni taasisna.

11. Calaaqee Heera Gadaa keessaa tokko kan ta'e Ayyaanni Irreechaa Malkaa/Birraa bara 2017 Malkaawwan hundatti karaa duudhaafi safuusaa mul'isuun, kabajaafi guddummaa Oromoo agarsiisuun akka kabajamuuf ni hojjenna, qeerroofi qarreen akkasumas hawaasni marti Abbootii Malkaa dura akka hinirreeffanneefi malkaa hinsaaqne cimsinee ni beeksifna.

Sirboota Aadaa Oromoo: Goobeen maali, yoomiifi eessatti sirbama?

Yeroo Goobeen dhuftu abbaan qe'ee baay'ee gammada jedhu jiraataan Magaalaa Bishooftuu. Goobeen sirba wayita birraan bari'u sirbamu yoo ta'u, jechi Goobee jedhu sirbichas, dargaggoota gareen sirban waamuufis ni ta'a.

Sirbi birraa Oromiyaa bakka adda addaatti akkaafi maqaa gara garaa qaba. Goobeen sirritti kan beekamu giddugala Oromiyaatti. Sirbi Goobee kan namootni lubbuun jiraatan barri haaraan bara nagaa akka ta'uuf ittiin waleebbisaniifi namoota du'aan boqatanii gara bara haaraatti hinceene kan ittiin mararfataniiidha jedhu.

Ayyaanota ganamaa Oromoo bari'uu birraa himan

Ayyaana ijoollee Irreecha dura kabajaman

"Ergaan sirba goobee keessa jiru бага waggaa haaraa geessan kan jedhudha. Obbolaawwan walbira jiraachuu keenya agarsiisuufi kan lubbuun isaani darbee nu biraa dhabamanis lubbuun isaani yaa 'maaru' kan ittiin jedhamudha" jedhu Dargaggootni Magaalaa Bishooftuu.

Goobeen tapha dargaggootaati. Dargaggootni lakkoofsaan osoo hindaangeffamiin waarii loon manatti erga ol dachaasani booda garee gareedhaan ta'anii manarra deemuun Goobee taphatu.

Sana boodas dargaggootni kun guyyaa guyyaan ykn darbee darbee akkuma haalli mijaa'efitti manarra deemuun Goobee sirbu. Sirbi kunis hanga jala bultii ayyaana Gubaa Fulbaana 16tti ittifufa jedhan.

Gobileho gobileho... Goobe goobaa ahaaye



Goobeen geesse jedhani... Goobe goobaa ahaaye

Yoo dandeesse jedhani... Goobe goobaa ahaaye

Gandi gamaa eelee dhaabe... Goobe goobaa ahaaye

Sassattuu seexanni saame... Goobe goobaa ahaaye

Dureessi hinkooru jedhani... Goobe goobaa

ahaaye

Maalo natti hinkoorini... Goobe goobaa ahaaye

Dullattin gaanfa qaratte... Goobe goobaa ahaaye

Adaraa gaafa dhalattee... Goobe goobaa ahaaye

Goba liyyu Goba liyyu... Goobe goobaa ahaaye

Dureessa sin jedha biyyu... Goobe goobaa ahaaye...walaloo sirba Goobee keessaa muraasa.

"Goobeen aadaa keenya kan abbootii keenya irraa argaa turredha" kan jedhan Dargaggootni "yeroo goobeen dhuftu abbaan qe'ee baay'ee gammada, abbaan warraafi haati warra walin gadi bahani abaaboo fudhatanii warra goobee sirbuuf maallaqa kennu" jechuun himan jedha odeeffannoon Kominikeeshinii Magaalaa Bishooftuurraa argame.

Ashaaraa Magariisaa



Sagantaa dhaabbii biqiltuu ashaaraa magariisaa guyyaa tokkotti biqiltuu miliyoona 600 dhaabuu kaleessa mataduree, "Biyya dhaabdu, dhaloota waareessu" jedhuun adeemsifame suuraadhaan.



ODUU

Itoophiyaan guyyaa tokkotti...

Gamtaafi cimna ajaa'ibsiisaa lammiilee Itoophiyaatiif galatan dhiyeessa. Qaamolee milkaa'ina karooraatiif tattaaffii cimaa taasistaniif galanni ni mala. Hawwiifi fedhiin keenya hundi Itoophiyaa fooyyofte gamtaadhaan ijaaranii tursiisuudha. Kanuma ittifufna jedhan ergaa karaa miidiyaa hawaasummaasaanii dabarsaniin.

Ergaa Asoosaarraa kaleessa ganama dabarsaniinis, biqiltuuwwan waggoota shanan darbanitti dhaabne gara biliyoona 40 ta'u. Biqiltuuwwan waggaa darbe dhaabaman keessaa dhibbantaan 50n wabii nyaataa mirkaneessuuf, eegumsa biyyoo cimsuufi golgolaa'uu lafaa ittisuuf akka gumaachaniif kan dhaabamaniidha. Fuulduraafis naannawawwan akka yaa'a Abbayyaa jiran keessa biqiltuuwwan dhaabuudhaan hojii eegumsa bishaanii deeggaruu qabna jedhan.

Rakkina har'aa osoo hintaane firii boruu ilaaluudhaan waliin hojjechuu qabna jedhanii; inisheetiviin ashaaraa magariisaa carraa egeeree Itoophiyaa kan miidhagsuudha jechuunis ibsan.

Dhalootni biyyasaa dhugaadhaan jaalatu

rakkina har'aa keessa jiru osoo hintaane egeeree biyyaatiitu itti mul'ata kan jedhan Doktor Abiyi, milkaa'inni inisheetivichaan argamaa jiru kanaaf agarsiistuudha jechuun eeran.

Ashaaraa magariisaa dabalatee inisheetivotni misoomaa mootummaadhaan jalqabaman gara 20 kan ta'an bu'awwaan abdachiisaa fidaa jiraachuus eeranii; ijaarsaafi suphaa mana harkaqa'eeyii, mana barumsaatti soorata barattootaaf dhiyeessuufi hojii misooma qamadii akka fakkeenyaatti kaasaaniiru.

Sagantaa Inisheetivii Ashaaraa Magariisaa kanaan dura biqiltuu biliyoona 39.5 kan dhaabate ta'uu himanii; guyyaa har'aa kan dhaabate waliin gara biqiltuu biliyoona 40 ta'a jedhaniiru. Biqiltoota dhaabaman kanneen keessaa dhibbantaan 50 nyaataaf kan oolan ta'uus himaniiru.

Yeroo Itaanu hojiin biqiltuu dhaabuu naannawa yaa'a Abbayyaa xiyyeeffannoo addaatiin akka gaggeeffamu eeranii, ashaaraan magariisaa akka hidhi Abbayyaa timaan hinguutamne waan taasisuuf Itoophiyaa bira darbe biyyoota kaaniif

faayidaansaa olaanaadha jedhan.

Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Jimmaa Mahaammadxahaa Abbaafixaa akka jedhanitti, godinichatti bara 2011 irraa eegalee duulli ashaaraa magariisaa geggeeffamaa jira. Aadaan biqiltuu dhaabuufi kunuunsuus guddachaa jira. Biqiltuun hanga ammaatti dhaabames kan baranaa dabalatee biliyoona 1.4 ta'a.

Hojii ashaaraa magariisaa hanga ammaatti hojjetameenis uwwisni bosona godinichaa %18 irraa gara %26tti guddateera. Adeemsa keessa bu'aan gama kanaan argamaa jiru abdachiisaadha jedhan.

Lafa qullaa ture biqiltuudhaan uwwifamaa waan jiruuf suudhaan dhiqamni biyyeeffii balaan lolaa hir'achaa jira jedhanii, qilleensa naannawaarratti jijjiiramni mul'achaa jiru omishaafi omishitummaan akka dabaluu taasisaa jiraachuus ibsaniiru. Abukaadoofi muuziifaan firii kennuus eeraniiru.

Kanaaf, qaamoleen hawaasaa dhaabbii biqilaarratti hirmaatan hundi hanga biqiltuun

ulaagaa bosonaa guutee bu'aa barbaachisu kennuu danda'utti biqiltoota dhaabaman kunuunsuu qabu jedhan. Ogeessoti qonnaas kanarratti xiyyeeffannaan hojjechuu akka qaban eeranii, aadaan kunuunsaa biqiltuu cimee ittifufuu qaba jedhaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Godina Jimmaa Obbo Masarat Hayiluu akka jedhanitti, biqiltuu dhaabame osoo kunuunsuun barbaachisaadha. Biqiltuun yoo cirame, miidhameefi goge naannawa hongeessa.

Godinni Jimmaa horsiisaafi gabbisa looniitiin beekama. Horsisaafi gabbisni loonii bosona malee milkeesuun hindanda'amu. Kanaaf, hawaasni biqiltuu har'aa dhaabe kunuunsuu akka qabu eeranii: abbootiin amantaa, ogeessotiifi hoggansi kanarratti qoodasaani akka bahatan dhaamaniiru.

Jiraataan Aanaa Qarsaa Sheek Zeeyinuu Hajigaazalii, "Biqiltuun amma dhaabuu bor nudhaaba" jechuun barbaachisummaa biqiltuu dhaabuu ibsani; kunuunsaaarrattis xiyyeeffannaan hojjechuu qabna jedhan.

Biyya dhaabdu...

ijoon tokko yoo jiraate biyya magariisa taate dhaloota itaanu dhaalchisuudha. Dhimma kanarratti hundi keenya duuluufi hirmaachuu qabna jedhan.

Dhugaadha, mukkeen waggoota dhibbaaf turuuf dandheetii qabu. Kun seenaa tursiisuuf daran kan gargaaru waan ta'eef dhaloota itaanuuf waantota barreeffamaafi bobboocaan keenyutu caala.

Biqiltuu dhaabuu barsiifata godhachuu barbaachisa. Lammiileen Itoophiyaa irree walta'een biqiltuu dhaabuufi kunuunsuudhaan bu'ura badhaadhina Itoophiyaa akka kaa'anis dhaamaniiru.

Biqiltuuwwan danuu dhaabuu qabna. Kana barsiifata godhachuufi biyya keenya magariisa gochuu qabna. Yoo kana goone rakkoon roobaa nu hinmudatu. Yoo hanqinni bishaanii nu hinmudanne ciccitiinsi elektirikii nu hinmudatu. Faaasnee haammachuuf hinrakkannu.

Nyaata alaa galus asumatti guuttachuu dandeenya. Kanaaf ummanni Itoophiyaa biqiltuu faayidaa danuu qabu kana dhaabuuf otoo shaakalee nama gammachiisa. Ijoollee keenya waan gaarii akkanaa barsiisuun bu'aaqabeessaafi barbaachisaa ta'uusaatiin barsiifata ta'uus qaba jedhan.

Fulbaana booda biqiltuu amma dhaabne kunuunsuun haaluma kanaan ittifufa. Waggoota muraasa booda hojiin kun lammiilee Itoophiyaatiif aadaa ta'a. Oggaa ummata waan magariisa jaalatu ta'aa deemnu kun karaalee hundaan dinagdee keenya utubuuf ni fayyada jechuun kallattii itaanuufi faayidaasaa ibsan. Matadureen duula

ashaaraa magariisaa baranaas "Biyya dhaabdu, dhaloota waareessu" ta'uu eeran.

Dhimma bosonaafi isaan walqabataniin Xaaliyaaniitti dippiloomaa, qonna waliigalaatiin Kolleejii Qonnaa Jimmaarraa dippiloomaa, digrii jalqabaa Kolleejii Qonnaa Haramayarraa (saayinsii biqiltuutiin), akkasumas dameedhuma walfakaatuun Awustiraaliyaatti kan baratan Hayyuu Yuubaa Dachaasaa Jiruus waa'ee ashaaraa magariisaa kanarratti turtii Roobii darbe Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisaniin xiinxallii hayyummaa itaanu kennaniiru.

"Biyyi keenya qilleensa namaaf, beeladaafi biqiltuuf mijatu qabdi. Dhimmi dhaabbiifi kunuunsa biqiltuu kun ammaan tana mataduree cimaa ta'ee sadarkaa mootummaafi ummataatti bal'inaan irratti hojjetamaa jiraachuun waan daran nama gammachiisuudha.

Biyyoota Afrikaa 54 keessaa Itoophiyaa qofatu haala qilleensaa sadan (baddaa, baddadareefi gammoojjii) of keessaa qaba. Kun biyyoota kaanii ol akka yaadnu nu taasisa. Oggaa waa'ee biqiltuu yaadnu biqiltuun biqilchaa jirru waantota hedduu of keessaa qabaachuu hubachuu qabna.

Kanaaf waanti ammaan tana hojjechaa jirru faayidaa olaanaa qaba. Akka ardiittis ta'e, addunyaatti bu'aa qaba. Biqiltuun ni dhaabama. Naannawa yeroo kana rooba argatanitti dhaabuun gaariidha. Iddoowwan lagaafi bishaan jallisii qabanitti ammoo dhaabbiin kun yeruma kamuu ittifufuu qaba.

Karaa kunuunsuutiinis xiyyeeffannaan

hojjetamuu qaba. Namni baay'achuun kanaan walqabatee babal'ifannaa lafa qonnaatiin biqiltuun dhaabame kun ciramuu waan maluuf of eeggannaa gochuun daran barbaachisaadha. Biqiltuu kana bakka gaaddisa argatutti dhaabuu qabna. Bosona keessatti kanneen dulloomanii dadhaban keessaa dhabamsiisaafi bakka buusaa deemuunis barbaachisaadha.

Imaammanni ittifayyadama lafaas jiraachuu qaba. Biqiltuun dhaabamaa jiru rooba hammamii, biyyoo akkamiirra, haala qilleensaa akkami barbaada jedhanii addaan baasani dhaabuufi kunuunsuun barbaachisaadha.

Sigigaachuu lafaa Itoophiyaa dabalatee biyyoota adda addaatti uumamaa jiruuf ka'umsi ciramuu bosonaafi jijjiiramuu qilleensaa waan ta'eef hojiin ashaaraa magariisaan eegalame kun kanaafis furmaata waan ta'eef cimee ittifufuu qaba. Hojii kana keessatti qindoominni dhimmamtoota waa'ee biyyoo qoratani, meetiworoloojii, daandii baasaniifi biqiltuu qopheessanfaas daran murteessaadha.

Lafti biqiltuun irra dhaabameefi dhaabamu tuttuqaa keemikaalotaarraas eegamuu qaba. Yoo kun ta'uu baate waanti itti dhama'amaa jiru dadhabii qofa ta'a. Hojichi tokko ta'uufi qindoomina barbaada. Dhimma dhaabbiifi kunuunsa biqiltuu kanarratti hunduu karaalee aadaa, uumamaafi seeraatiin waliigaluu qaba. Aadaan, seerriifi saayinsiiin walsimachuu qaba.

Biqiltuun bal'inaan dhaabamaa jiru erga bosonaa'ee booda sababa babal'ina magaalaa

qonnaatiin akka hincirameef keessumaa magaalotatti dalga babal'achuurra manneen jalaa olee ijaaramuu qabu. Dhimmi ani ammaan tana irratti hojjetaa jiru waa'ee magaalaa baadiyeessuu, baadiyyaa magaalasuuratti kan xiyyeeffateedha.

Qonna gamoowwanirratti eegalamee jabaatee ittifufuu qaba. Kanarratti amala biqiltuufi haala qilleensaas addaan baafachuun barbaachisaadha. Lafa kana garmalee ittifatannee balleessaa waan jirruuf kanarraa of qusachuun barbaachisaadha. Hojiin lafarratti hojjetamu kamuu qorannoodhaan deeggaramuu qaba.

Kanarraa qorattootaafi hayyoota damichaa akka koorraa hojii guddaatu eegama. Ragaa dhimma kanaan walqabatee fudhannurrattis of eeggannaa guddaa gochuu qabna. Hojiin dhaabbi biqiltuurratti eegalame kun of eeggannaa guddaa barbaada.

Namni addunyaa kaaniirraa dhumeen kan hafus biyyuma kanatti; waan qilleensishii mijataa ta'eef. Faraanjooniyuu kana ragaa bahu. Biyyi jennata jedhamtu Afrikaa keessatti argamti, ishiinis Itoophiyaa, bakkichis Bishooftuudha jedhamti jechuun kaasu. Kanarratti waliigalani murteessaniiru. Kun nu jaalatanii kan dubbatan otoo hintaane dhugaa lafa jiruudha.

Bishooftuutti biqiltuun akaakuu kamuu ni biqila. Lafti Itoophiyaa kibbaas lafa raajiiti. Sombi addunyaa Amaazooniifi as jira. Kanaaf qabeenya kana eeguufi kunuunsuu qabna. Anis sichi kanarrattis xiyyeeffadheen hojjedha.

Murtoon kaabineen...

gibirarraa bilisa ta'anii hojiisaanii akka hojjetan murtoo kanaan eyyamameera.

Haaluma walfakkaatuun dhaabbileen kunneen dorgommii malee simatamanii lafa akka argataniifi meeshaalee wal'aansa fayyaa karaa ashuurarraa bilisa ta'een alaa bitanii galchuu akka danda'anis kaabineen naannichaa murteesseera.

Mul'ata fayyaa ummataarraatti qaburraa kan ka'e mootummaan naannichaa dhaabbilee dhuunfaa fayyaatiif deeggarsa taasisuuf kutaannoo qabaachuu eeruun, damicharratti abbootiin qabeenyaa hojii investimantiiratti akka bobba'an Obbo Ahmad waamicha dhiyeessaniiru.

Gatiin sharafa alaa harka Baankii Biyyaaleessaati bahee gabaadhaan akka hogganamu taasisuuf hojmaanni jalqabame dinagdee biyyattii guddisuuf tarkaanfii jajjabeeffamuu qabu ta'uu himaniiru.

Murtichi faayidaa qofa osoo hintaane miidhaa hineegamnes qaqqabsiisuu waan danda'uuf faayidaa argamuuf karooraamee ol guddisuufi rakkina hordofee dhufummo xinneessuuf xiyyeeffannoon hojjechuu barbaachisa jedhaniiru.

Yommuu sharafni alaa gabaadhaan hogganamu gatiin meeshaalee alaa galanii dabaluu danda'u. Kun akka saayinsii dinagdeetti karaa alkallaatiitiin lammiileen meeshaalee alaa galanirra meeshaalee biyya keessatti omishaman bitanii akka fayyadaman taasisa. Kunis milkaa'ina inisheetivii Itoophiyaan haa omishtuutiif gahee guddaa taphata jedhan.

Gatiin sharafa alaa...

Hojmaanni kun jiruufi jireenya namoota galii dhaabbataa argatan kanneen akka hojjetaa mootummaarratti dhiibbaa fida jedhee mootummaan adda baase furmaata murtichaa faana diriirsuun tarkaanfii murteessaadha jedhaniiru. Hojmaanni akkasii biyyoota baay'ee keessattuu kanneen dinagdee kaappitaalaa hordofan biratti baal'inaan jiraachuu hayyichi eeraniiru. Ollaan Itoophiyaa Keenyaanuu hojmaata akkasii qabaachuus ibsaniiru.

Hawaasa guutuufi daldalootaaf hubannoo kennuun, daldalootni seera daldalaa eeganii akka hojjetan taasisuun daballii bu'ura dinagdee malee gatii omishaarratti taasisuun hambisuun rakkinoota hojmaaticha hordofanii dhufan hambisuun dinagdee biyyattii tasgabbeessuun akka barbaachisus gorsaniiru.





BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin



Dirribee Walajjii dorgommii liigii daayimandiitti mo'atte

Finfinnee: Dorgommii Liigii Daayimandii meetira kuma sadii dheengadda magaalaa Luuzaan, Siwizarlaanditti adeemsifametti atileet Dirribee Walajjii daqiiqaa 8:21.50n tokkoffaa ba'uun mo'atte. Riikardii bakkichaas fooyyessiteetti.

Fiigicha meetira kuma 1500n kan beekamtu Dirribeen, yeroo dhihoodhaa as fiigicha meetira kuma sadiirratti xiyyeeffachuudhaan atileetii cimtuu ta'uu dandeesseteetti.

Dorgommichaan atileetin Keeniyaa lammaffaa yoo baatu, Atileet Tsiggee Gabrasalaamaa ammoo daqiiqaa 8:24.40n xumuruudhaan sadaffaa baateetti.

Dorgommiin kun boru ittifufuudhaan Poolaand magaalaa Saaliiziyaatti adeemsifama.

Shaampiyoonaan Atileetiksii Dargaggoota Addunyaa umrii 20 gadii Hagayyaa 21-25tti adeemsifama

Finfinnee: Waldaa Atileetiksii Addunyaatiin waggaa lamatti altokko biyyoota adda addaatti kan adeemsifamu Shaampiyoonaan Atileetiksii Dargaggoota Addunyaa umrii 20 gadii ALA bara 1986 Magaalaa guddoo Giriiki, Ateensitti jalqabame.

Shaapiyoonaan kun edda jalqabe waggoota 40 kan lakoofsise yoo ta'u, barana yeroo 20ffaaf Hagayyaa 21-25 bara 2016tti magaalaa guddoo Peeru, Liimaatti adeemsifama.

Pirezidaantii Waldaa Leenjistoosa Atileetiksii Itoophiyaa Irreessaa Tolasa Qottuu ibsa dheengadda Gaazeexaa Bariisaaf kennaniin, Itoophiyaanis akkaakuwwan ispoortii jahaan atileetoota dhiiraaf dubaraan shaampiyoonaa kanarraatti ni hirmaatti. Itoophiyaan atileetota dargaggootaa cicimoo qabatee shaampiyoonicharratti kan hirmaattu ta'uufi dorgommicharraas qabxii foyya'aa kan eegamu ta'uu eeraniiru.

Atileetonni Itoophiyaa bakka bu'uun shaampiyoonicharratti hirmaatan torban sadiif Hoteela galanii Giddugala Leenjii Ispoortii Dargaggoota Itoophiyaatti qohii taasisaa turuu himanii, hundisaanii qaamaafi sammuuudhaan qophaa'oo ta'uus himaniiru.

Itoophiyaan Shaampiyoonicharratti fiigicha meetira 800, kuma 1fi 500, Kuma sadiifi kuma shaniin koorniyaa lamaaniin kan hirmaattu ta'uu himanii, dorgommii suksukii meetira kuma kudhaniifi fiigicha gufachiisaa meetira kuma sadiin dubartoota qofaan kan hirmaattu ta'a.



Shaampiyoonicharratti dubartoonni 11fi dhiironni sagal walumaagalatti atileetota 20n hirmaatti.

Shaampiyoonaa baranaa kanarraatti biyyoota 134 irraa atileetonni kuma 1fi 720n kan hirmaatan yoo ta'u, atileetonni Itoophiyaa mo'anaadhaaf kaadhimamaniiru jedhu.

Shaampiyoonchi edda jalqabamee waggoota dheeraa kan lakoofsise yoo

ta'u, Itoophiyaan meedaaliyaa warqii 46, meetii 51fi nahaasa 32n walumaagalatti meedaaliyaa 129 argachuun Addunyaarraa sadarkaa sadaffaa, Afrikaarraa ammoo sadarkaa lammaffaarratti akka argamtu eeraniiru.

Atileetota dabalatee miseensota 25 ol kan qabu jilli Itoophiyaa kun har'a gara magaalaa shaampiyoonichi itti adeemsifamu, Liimaatti qajeeleera.

Oromiyaatti...

lafa hektaara kuma afurirratti dhaabameera.

Lafti hektaari kuma 150 omishichaaf mijataa ta'uu qorannoodhaan adda baafameera kan jedhan Obbo Mahaammadsaaniin, lafa kanarratti yoo sirnaan hojjetame bu'aan argamu jiruufi jireenya qonnaan bulaa fooyyessuu bira darbee dinagdee biyyattii utubuuf gahee olaanaa akka qabaatu eeraniiru.

Omishuu qofa osoo hintaane omishicharratti sona dabalun warshaa shaayii babal'isuuf dhaabbilee dhuunfaafi jaarimiyaalee misoomaa mootummaa waliin ta'uun indastiriin akkamii eessatti akka barbaachisu adda baasuun hundeesuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Qonnaan bulaan omisha qulqullina qabu omishuun bu'aa barbaadamu akka argatu taasisuufis paakeejin deeggarsaa faayidaarra oolchaa jiraachuus eeraniiru.

Hanga barbaadamu teknolojiidhaan deeggaramuu dhabuun, hojichi yeroo dhiyoo keessa jalqabamuurraan kan ka'e hanqinni beekumsaa, omishicharratti qorannoo gahaa taasisuu dhabuu, hanqinoonni sanyii filatamaafi, gabaafaa hudhaalee sirna omishaafi omishtummaa baala shaayii ta'uu himaniiru.

Hudhaaleen kunneen ammaaf jiraatanis muuxannoo biyyoota garagaraarraa qooddachuufi babal'isuun yeroo dhiyootti furmaata kennuun bu'aa barbaadamu argachuuf biirichi kutannoon kan hojjetu ta'uu Obbo Mahaammadsaaniin ibsaniiru.

Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad ('PhD') xiyyeeffannaa misooma shaayiiif kanname ilaalchisuun, "Injifannoo cimaa bunarratti galmeessine omisha shaayeerattis ni daballa" jechuunsaniin ni yaadatama.

Waggoota sadeen kanneen osoo hineegamne iddoon dur isaan rakkoo nageenyaatiif irraa dheessaa turan sun haala qonnaatiif mijattuu taatee akka argamtu hojii mootummaan naannichaa hojjeteen yeroo ammaa gara mandara dhalootasaaniitti deebi'uudhaan hojii qonnaa keessa galuu ibsu.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa deeggarsa sanyii filatamaarraa kaasee hanga tiraaktara qonnaatti, akkasumas wayitii midhaan gahuttis kombaayinara ittiin haaman waan dhiheesseefiif qonnaan bulaa Oromoo qofa osoo hintaane, ummanni Sumaalee ollaasaanii misooma waliinii kanarratti qooda fudhachaa jiru.

Godina Harargee Bahaatti qonna gannaa bara kanaatiin lafa hektaara 538,905 misoomaa jiru keessaa hektaarii 459,555 kilaastaraan misoomaa jiraachuu ragaan Waajjira Qonnaa Godinichaa kan agarsiisu yoo ta'u, kana keessaas lafti hektaarii 57,900 kilaastara inisheetivii Qamadiitiin uwwifamee kunuunfamaa jira.

Cinaaksanitti...

Aanaa Cinaaksanitti qamadii qonna gannaa kilaastaraan misoomaa jiruufi pirojekti jallsii Finnaa Marar qarshii miliyoona 500n hojjetame hawaasa naannichaa bal'inaan gara hojii misooma qonnaatti akka bobba'uuf carraa uumaa jiraachuu jiraattotni nidubbata.

Waliigalatti godinichatti inisheetivii qamadii qonna gannaatiin lafti hektaara 70 irratti facaafamee kunuunfamaa kan jiru yoo ta'u, kanarraayis caallaan kuntaalli miliyooni 13 ol ni argama jedhamee kan eeggamu ta'uu Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Godinichaa Obbo Geetaahun Nigaatuu ni dubbatu. Aanaa Cinaaksanittis immoo lafti hektaarii kuma 33 caalu kilaastara qamadiitiin misoomaa jira.

Rakkoo nageenyaa kanaan dura yeroo garaa garaatti uumamaa tureen maqaanshee kan ka'u Aanaa Cinaaksanis ammaan tana nageenya mirkaneeffachuun hojii misoomaa ho'aa keessa galuushee abdi haaraa uumaa jiraachuu jiraattonni ni ibsu.

Lafti duraan misooma malee ture yeroo ammaa haala mijataa uumuun

sanyii filatamaafi galtee qonnaatiin deeggaramee hojii misoomaa ho'aa keessa jiraachuu kan himan ittigaafatamtichi, mootummaan naannoo Oromiyaas hojii qonnaa naannawichatti taasisamuuf deeggarsa hindaangeeffamne taasisaa jiraachuu dubbatu. Babal'ina hojii qonnaa naannawa daangaa bulchiinsaa kana deeggaruun, tiraaktara qonnaa dhiheessuun akka qotamu taasisuudhaan wayitii gahes kombaaynaraan kan haamamu ta'uu ibsaniiru.

Inisheetiviiwwan qonnaa akka naannoo Oromiyaatti bocamani hojiirra oolaa jiran jiruufi jireenya qonnaan bulaa bu'uurarraa kan jijjiiraa jiru ta'uusaatiif ragaan Aanaa Cinaaksan qofti gahaa ta'uus dubbataniiru.

Gareen Pirezdaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Obbo Shimallis Abdiisaatiin durfame tibbana, Godina Harargee Bahaa, Aanaa Cinaaksanitti qamadii qonna gannaa lafa hektaara kuma 2800 irratti kilaastaraan facaamee misoomaa jiru daaw'achuunsaa ni yaadatama.